

**XIINXALA ERGAA WALALOOWWAN KITAABILEE  
“BISHAANTUDHEEBOTEE FI KARRAMOO KARAADHA?”**

**JEDHU**

**QORATAA: WAAQJIRAA TAADDASAA**

**GORSITUU DURSAA: DOKTOR ALAMITUU OLI**

**GORSAA AANTEE: DOKTOR TAAYYEE GUDDATAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN  
OROMOOFI OGBARRUU BARSIIISUU ITTIIN  
GUUTACHUUFQOPHAA’EE YUUNIVARSIITII JIMMAA  
KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANIITII  
DAMEEBARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF KAN  
DHIYAATE**

**FULBAANA, 2014**

**JIMMAA, OROMIYAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI  
OGBARRUU BARSIIISUU ITTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA’EE  
YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAA FI  
HUMAANIITII DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF KAN  
DHIYAATE**

**XIINXALA ERGAA WALALOOWWAN KITAABILEE “BISHAANTUDHEEBOTE” FI  
“KARRAMOO KARAADHA?” JEDHU**

**QORATAA: WAAQJIRAA TAADDASAA**

**GORSITUU DURSITUUN: DOKTOR ALAMITUU OLIH**

**GORSAA AANTEE: DOKTOR TAAYYEE GUDDATAA**

**FULBAANA, 2014  
JIMMAA, OROMIYAA**

## **Yuunivarsiitii Jimmaa Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa(MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuu ittiin guuttachuuf Waaqjiraa Taaddasaa mata-duree“*Xiinxala Ergaa Walaloo Kitaaba Bishaantu Dheeboteefi Karramoo Karaadha?*”,jedhu sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa’e guuteera.

### **Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa\_\_\_\_\_Mallattoo\_\_\_\_\_Guyyaa\_\_\_\_\_

Qoraa Keessaa\_\_\_\_\_Mallattoo\_\_\_\_\_Guyyaa\_\_\_\_\_

### **Gorsitoota**

Gorsituu Dursituu\_\_\_\_\_Mallattoo\_\_\_\_\_Guyyaa\_\_\_\_\_

Gorsaa Aantee\_\_\_\_\_Mallattoo\_\_\_\_\_Guyyaa\_\_\_\_\_

—

## Ibsa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'ee, kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta'uu isaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf fayyadame haala seera qabeessa ta'een fudhee wabii keessatti kaa'uu koo maqaafi mallattoo koon mirkaneessa.

Qorataa: Waaqjiraa Taaddasaa

Mallattoo \_\_\_\_\_

Guyyaa \_\_\_\_\_

## **Galata**

Hunda dura Waaqayyo isa nagargaaree kanaan na ga'eef galanni guddaan haa ta'u. Itti aansuun, qorannoon kun akka naaf milkaa'uuf yeroo isaanii aarsaa naaf gochuun nuffii tokko malee deggarsa cimaa wal irraa hin cinne naaf kennaa; na sirreessaa kan turan gorsitoota koo Doktor Alamituu Olee fi Doktor Taayyee Guddataa baay'een isaan galateeffadha. Akkasumas haadha warraa koo barsiistuu Likkaatuu Shifarraa, maatii koo deggersa walirraa hin cinne naaf godhaniifi namoota tumsa yaadaa naaf kennan hundaaf galata guddaan galcha.

## ***Axereeraa***

*Qorannoon kun xiinxala ergaa walaloowwan kitaabilee “Bishaantu Dheebote” fi Karramoo Karaadha?” jedhamanirratti geggeeffame. Kaayyoon qorannoo kanaas ergaawwan kitaabilee walaloo filatamanii kallattii hedduun ergaa isaan keessatti argaman adda baasuun xiinxalee dhiyesseera. Milkaa’ina kaayyoo kanaafis mala qorannoo akkamtaatti gargaaramuun adeemsifame. Mala kana keessattis ibsa akkamtaa (qualitative descriptive) gargaaramuun sakkatta’a dookumentii gochuun xiinxallii ragaa adeemsifameera. Qorannichi tooftaa yookiin teekinikoota walaon ittiin gargaaramee ergaa walaloon dabarse ilaaleera. Akkasumas qorannoon kun ija yaaxxina hawaasummaa bu’uureffachuun geggeeffameera. Maddi raga qarannichaas madda raga tokkoffaadha. Qorattichi xiinxala ragaalee erga taasiseen goolabarra ga’e. Waan kana ta’eef, dhaamsawwan yookiin ergaalee kallattii gama hawaasummaa, amantii, siyaasaa, seenaafi kanneen biroon jiraachuu xiinxaleera. Dhumarratti ergaan kuusaa walaloowwan kitaabilee filatamani dhaamsi isaan dabarsan hawaasni Oromoo kan gamtaa yookiin hariiroo cimaa qabuufi waan qabu hunda waliif qooduun, jabeeffatee eeguun dhaloota dhufuuf dabarsuu akka qabu hubatameera.*

## Baafata

<b>Qabiyyee</b>	<b>Fuula</b>
Ibsa .....	i
Galata .....	ii
<i>Axereeraa</i> .....	iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA .....	1
1.1. Seenduubee Qorannichaa .....	1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa .....	2
1.3.1 .Kaayyoo Gooroo.....	4
1.3.2. Kaayyoolee Gooree .....	4
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa .....	4
1.5 Daangaa Qorannichaa .....	5
1.6 Hanqina Qorannichaa.....	5
1.7. Qindoomina Qorannichaa .....	5
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII.....	7
2.1. Ogbarruu.....	7
2.2. Walaloo .....	8
2.2.1. Barwalaloo.....	9
2.2.2. Qooqa Walaloo .....	10
2.2.3. Unka Yookiin Caasaa Walaloo.....	10
2.2.4. Amaloota Walaloo.....	11
2.2.4.1. Sararoota (lines).....	11
2.2.4.2. Buufata Yookiin Cabsata (stanza) .....	12
2.2.4.3. Gaalee (Phrase) .....	12
2.2.4.4. Birsaga (syllable) .....	12
2.2.4.5. Filannoo Jechaa.....	12

2.2.4.6. Rukuttaa (sagalee moggoo) (rhyme).....	13
2.2.4.7. Safara (meter).....	14
2.2.4.8. Yeedaloo yookiin dhikkisa (Rhythm).....	14
2.2.4.9. Dubbii Qolaa.....	14
2.3.1. Walaloo Liirikii (Lyric poetry).....	15
2.3.2. Walaloo seenessaa (Narrative poetry).....	15
2.3.3. Walaloo Diraamaa (Dramatic poetry).....	16
2.4. Ergaa Walaloo.....	16
2.6. Yaaxxina Qorannichaa.....	18
2.7. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii.....	19
BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNOO.....	22
3.1 Saxaxa Qorannoo.....	22
3.2. Madda-Ragaalee.....	22
3.3. Mala Ragaan Ittiin Funaaname.....	22
4.3.1. Sakatta'a Dookumentii.....	23
3.4. Mala Xiinxala Ragalee.....	23
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE.....	24
4.1. Odeeffannoo Kitaaba Walaloo Bishaantu dheeboteefi Karraamoo karaadha?.....	24
4.1.2. Odeeffannoo Waliigala Walaloo Karamoo karaadha?.....	26
4.2. Xiinxala Ergaawwan Walaloowwan Filatamanii.....	27
4.2.1. Xiinxala Ergaawwan Walaloowwan Filataman Gama Siyaasaatiin.....	28
4.2.1.1. Mallattoo siyaasaa.....	28
4.2.1.2. Dhiibbaa Siyaasaa.....	28
4.2.1.3. Abdii.....	33
4.2.1.4. Qe'ee Ganamaa.....	34
4.2.1.5. Bilisummaa.....	35



4.3. Xiinxala Ergaawwan Walaloowwan Filataman Gama Hawaasaatiin .....	36
4.4. Xiinxala Ergaa Gama Seenaa .....	57
4.4.1. Seenaa Gootaa .....	57
4.5. Xiinxala Ergaa Gama Wantoota Adda Addaan Jiran.....	60
4.6. Ergaawwan Kitaabilee Walaloowwan Filatamanii Hammam Akka Haalaa Hawaasa Calaqqisiise .....	65
4.7. Tooftaa Ergaan WalaloowwanFilatamanii Ittiin Dhiyaate.....	66
<b>BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, GOOLABAAFI YABOO.....</b>	<b>69</b>
5.1. Cuunfaa .....	69
5.2. Argannoo (Goolaba).....	69
5.3. Yaboo .....	70
Wabiilee .....	71
Dabalee A.....	74
Dabalee B.....	75
Dabalee C (Cheekilistii).....	76

## **BOQONNAA TOKKO: SEENSA**

### **1.1. Seenduubee Qorannichaa**

Ogbarruun hojii kalaqaati.Akaakuu adda addaa of keessaa qaba.Akaakuu ogbarruu keessaa ogbarruun barreeffamaa isa tokko.Ogbarruun bareeffamaa hojii kalaqaa dhugaa hawaasaarratti hundaa'ee namoota barreessuuu addaa qabaniin kalaqamee qopheeffama.Itti fayyadamni afaan isaas, filannoo jechaa,qindoominni isaa barruu biroorraa adda isa taasisa.Gray (1992,f.163)tti, “Literature is a term poetry,novel,drama,and short stories written with apparently artistic purpose rather than merely communicate information” jedha.Kanarraa wanti hubatamu ogbarruun barreeffamaa walaloo,asoosamaafi diraamaa akka ta'e ibsa.Seenaan jalqabbiifi dagaagina ogbarruu barreeffamaa kan addunyaa keenyaa kan ture jechuu dandeenya.Kana jechuun hayyoonni tokko tokko ogbarruu biyya isaanii beeksisuu erga jalqabanii yeroo dheeraa lakkoofsiseera.Yaada kana gabbisuuf seenaa dagaagina ogbarruu keessatti ogwalaloon durii bara dhiibba afuriif digdamii torbaa Dhaloota Kiristoos Dura hanga bara dhiibba afuriif torbaatamaatti Dhaloota Kiristoos Booda akka ture hayyoonni akka Pilaatoofi Aristootil akka isaan ibsan Wasaneen (2000) barreessee ture.

Walaloon yoomii fi akkamitti jalqabe yaada jedhuuf namoonni adda addaa yeroo garagaraa keessatti yaada isaanii kannaniiru.Haa ta'u, malee hunduu kan irratti waliigalan hin argamne. Garuu umrii dheeraa kan qabaachuun beekamu walaloon dheeraan “ Epic Of Gilgamesh” jedhamee beekamu ture.Walaloon kun seenaa mootii Mesopotaamiyaa (Summer) kan waggoota dhibba tokkoof digdamii ja'aaf geggeessaa ture irraatti kan hundaa'e yoo ta'u, kan barreeffames Dhaloota Kiristoos Dura bara (3000)'tti akka ta'e Irene (1999) ibsee ture.

Walaloo ilaalchisee Collins Cobuild (2001) akka bisetti, walaloon jechoota filatamoofi mimmiidhagaadhaan kan sagaleen isaanii sirriitti of eeggannoon barreeffaman; akkasumas, sararoota gaggabaaboofi yeedaloon kan guutame akka ta'e ibsee jira.

Ergaa walaloo immoo dubbistootaafi qorattootaan kan xiinxalamuudha.Ulaagaa ergaa walaloon tokko kan amantaa,siyaasaa, seenaa, hawaasaa, aadaafi duudhaafi kan birootiin qooduun ni danda'ama. Walaloon Afaan Oromoo gama barruun jiru waggoota dhiyoo kana keessa ilmaan Oromoon barreeffamanii sabaaf dhiiyaachaa jiru.Kanammo yemmuu jalqabbii walaloo

addunyaa waliin walbira qabne ilaalluu baay'ee duubattii hafuu agarra. Sababni duubatti hafuu immoo biyya keenya keessaatti akka ogbarruu Itiyoophiyaatti kan beekamaa turan kitaabilee amantiifi kan seenaa afaan Giriikkii, Hebruufi Arabaatiin barreeffamanii gara Gi'iziitti jijjiiraman turan. Kan mootummoonni duraani Afaan Amaaraatiin dhiibbaa Impaayera Itoophiyaarratti ta'e jedhanii ogbarruu afaanichaa guddisuuf yaalaniyyuu kan umurii dheeraa qabu miti.

Walaloon Oromoo barreeffamee jiran kan akka Anaan'yaa Asaffaa Tarrafaa (1998) fi Edas edanas (1996), Eenyummaa Amantaa Dastaa Dassaaleny (2008), Mukukkula Miliyoon Tigisti (2008) *Bishaantu Dheebote* Tarruu Unguree (2013) fi Geetuu Dajanee (2013) *Karramoo Karaadha?* Fi kanneen biro kaasuun ni danda'amaa. Kanneen keessa qorannoo baay'een Anaan'yaa irratti geggeefamee jira. Kuusaaa walaloo Bishaantu dheeboteefi Karramoo karaadha jedhu afoola Oromoo irratti hundeeffamanii walaloo ammayyaa barreeffamanii haala jiruufi jireenya Oromoo calaqqisiisuufi beekumsa hawaasichaa ceesisuuf carraaqaniidha. Asaffaa (2006) akka ibsetti afoola hawaasaa walaloo ammayyaa keessatti gargaaramuun seenaa, duudhaa, aadaa isaa dhalaonni akka hubataniif akka gargaaru ibse. Barreesaan walaloo tokkoo duubatti deebi'ee mil'achuun waan hawaasichaa kalaqa isaa keessatti qindeessuun dubbistoota biratti fudhatama qabaachuu ibseera.

Kanaafuu, qoratichi qorannoo kanaa ergaa yookiin dhaamsa barreessaan tokko walalootti gagaaramee yaada adda addaa dabarfachuu danda'u ilaalluu barbaade. Barreesaan walaloo tokko wanta argee taajjabe kan isatti dhagaa'ame tokko hawaasaaf barreessee gadi baasa. Waan kana ta'eef xiyyeeffannaan qorannoo kanaas ergaa waloo walaloon dhimma bahuun dabarfatu kitaabilee mata-dureen isaanii "*Bishaantu Dheeboteefi*" *Karramoo karaadha?* jedhu qoratichi ergaa isaanii xiinxaleera.

## **1.2. Ka'umsa Qorannichaa**

Qorannoo tokko gaggeessuu keessatti ka'umsi iddoo guddaa qaba. Qoratichi Kitaabota walaloo seenduubee armaan olii keessaatti tuqaman kana keessaa lama ergaa isaanii irratti xiinxala geggeesseera. Kunis walaloo *Bishaantu Dheebotee (2013)* Tarruu Ungureetiin fi *Karramoo karaadha? (2013)* Geetuu Dajaneetiin, barreeffaman irratti. Dhimmi qorataan qorannicha geggeessuuf isa kakaases:

Jalqaba irratti mat-dureewwan kuusaa walaloo kanneenii yeroo isaan salphaatti namaaf galuu dhiisan hubachuudhaan maalta'a yoo ergaa keessoo kuusaa walaloo kanneen irratti xiinxalli geggsse yaada jedhu waanan qabuuf qorannoo irratti adeemsise.

Lammaffaa walaloowwan yeroo dhiyoo keessa maxxaffamanii jiran(keessattuu, kan mata-duree qorannichaa) irratti hanga qorataan sakatta'ee beekutti qorannoon kamiyyuu '*ergaa keessoo*' isaanii irratti xiinxalli waan hin geggeessineef qaawwa gama kanaa isatti mul'ate duuchuuf qoraticha akka qorannoo kana geggeessu isa kakaase.Qorannoon walaloo irratti geggeeffaman baay'een isaanii kan duraan barreeffaman irratti waa'ee malleen dubbii walaloowwan kanneen keessatti argamani irratti xiinxala geggeessan.

Fakkeenyaaf Ibsaa Addunyaa (2016) Qaaccessa fayyadama malleen dubbii ogwalaloo Anaan'yaa keessatti digirii lammaffaa(MA) guuttachuuf Yuunivarsiitii Finfinneetti hojjete.Garaagarummaan qorannookanaafi kan ibsaa inni malleen dubbii sagalta'an yoo qaaccessu qorannoon kun garuu ergaa kuusaa walaloowwan lamaa roga adda addaan jiran xiinxaluudha.

Akkasumas Isaaq qorannoo isaa (2003) mata-duree Sakatta'a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaloo Mootii Qubeefi Kumee kumaatamaa jedhu irratti kanxiyyeeffateedha.Qorannoon kunis ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan gaggeeffameedha. Garaagarummaan qorannookanaafi kan Isaaq inni malleen dubbii sagal ta'an yoo qaaccessu qorannoon kun garuu ergaa kuusaa walaloowwan lamaa roga adda addaan jiran xiinxaluudha.

Itti dabalees,Tafarii Jifaar 2012 (2004) Xiinxala sadoommii walaloo utuufi malli maali digirii jalqabaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Finfinneef kan dhiyaate ture.

Kan biraan Haannaan (2008) qorannoo ishee kan geggeessite qaaccessa ergaa walaloo Anaan'yaa kan Asaffaa (1998) barreeffame irratti Yuunivarsiitii Diillaa digirii jalqabaa hojjette. Garaagarummaan qorannoo kanaafi kan Hannaa isheen ergaa kuusaa walaloo tookko xiinxaluufi digirii duraatiin ilaaluun yoo ta'u qorannoon kun garuu ergaa kuusaa walaloowwan lamaa roga adda addaan jiran digirii lammaffaan xiinxaluudha.

Akkasumas,Maqdas Baqqalaa(2011) xiinxala ergaa walaloo Anaan'yaa irratti MA hojjette. Garaagarummaan qorannoo kanaafi kan Maqdas isheen ergaa kuusaa walaloo tokko digirii lammaffaan ilaaluun yoo ta'u qorannoon kun garuu ergaa kuusaa walaloowwan lamaa roga adda

addaan jiran digirii lammaffaan xiinxaluudha. Kanarra ka'uun walaloo yeroo dhiyoo barreeffaman keessaa walaloo mata-duree qorannoo kanaa irratti xiinxallii 'ergaa keessoo' isaanii jiru geggeessuuf xiyyeeffate. Gaaffileen qorannoo kanaas kanneen armaan gadiiti.

1. Kuusaan walaloowwan "Bishaantu Dheeboteefi Karramoo karaadha?" jedhaman ergaawwan akkmii qabuu?
2. Ergaawwan walaloowwan filatamanii tooftaa akkamii irratti hundeeffamanii kalaqaman?
3. Ergaawwan walaloowwan filatamanii haala jiruufi jireenya hawaasa Oromoo hammam calaqqisiisu?

### **1.3 Kaayyoo Qorannichaa**

Kaayyoowwan qorannichaa kaayyoo gooroofi kaayyolee gooreeti.

#### **1.3.1 .Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa ergaawwan kuusaa walaloowwan "*Bishaantu Dheeboteefi karramoo Karaadha?*" jedhu xiinxaluudha.

#### **1.3.2. Kaayyoolee Gooree**

Kaayyoo gooree qorannoo kanaas kanneen armaan gadiiti.

- ❖ Ergaawwan kuusaa walaloowwan "*Bishaantudheeboteefi Karramookaraadha?*" ibsuu;
- ❖ Ergaawwan kuusaa walaloowwan filatamanii haala jiruufi jireenya hawaasa Oromoo hammam akka calaqqisiisan ibsuu;
- ❖ Ergaa kuusaa walaloowwan filatamanii tooftaa akkamii irratti hundeeffamanii akka kalaqaman eeruu;

### **1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa**

Qorannoo tokko gaggeessuun faayidaa mataasaa qaba. Kanaafuu, qorannoon kun faayidaa armaan gadii qabaachuu danda'a. Isaanis:

Ergaawwan walaloowwan *Bishaantu Dheeboteefi Karramoo Karaadha?* haala salphaan barsiisonni, barttoonniifi dubbistoonni hubachuu dandeessisa. Bu'aan qorannoo kanaa irra caalaatti namoonni baratan dubbisani hubachuun walaloo keessa ergaa jiruu xiinxaluuf akka citaatti gargaara. Qorattoota qorannoo kanaan walfakkaatu adeemsisaniif karaa agarsiisa. Namoota

qorannoo ergaa walaloo irratti adeemsisuu barbaadaniif akka ka'umsaatti bu'aa buusa. Hojii barreessitoota walaloo qorannoo kanaa keessaa tokko beeksisuuf ni gargaara. Hojii barreessitoota kana yoo xiinxalanii qabiyyee isaafi ergaa barruchaa baasanii hawaasaaf ifa godhan caalaadhutti fudhatamummaa, jaallatamummaafi jajjabina hojii isaaniif ta'a. Guddina walaloo Oromoo gara fuulduraatti tarkaanfachiisuu ni danda'a. Barreessitoota walaloo gidduutti miira waldogommii dabaluun ergaa hojii isaaniin dabarsuu barbaadan caalatti humnafi hamilee ta'uun akka jabaate qalamni isaanii mirgisu gochuudhaan gargaara.

### **1.5 Daangaa Qorannichaa**

Qorannoon kun kan xiyyeeffate *Xiinxala Ergaawwankitaabilee walaloo "Bishaantu dheeboteefi Karramookaraadha?"* jedhurratti. Sababni mata dureewwan walaloo qorannoon kun irratti xiyyeeffates kan yeroo dhiyoo barreeffanii hanga ammaatti qorannoon kamiyyuu xiinxala ergaa isaan keessa jiru irratti waan hin geggeessineef. Ogowalaloo Afaan Oromoo hunda irratti si'a tokkotti qorannoo geggeessuun hin danda'amu. Kanumarraa ka'uun, mata-duree "*Xiinxala Ergaawwan kitaabilee walaloowwan "Bishaantu Dheeboteefi Karramoo Karaadha?"*" jedhu irratti kan daangeffameedha.

### **1.6 Hanqina Qorannichaa**

Qorannoon kun xiinxala ergaawwan walaloowwan "*Bishaantu dheeboteefi Karramoo karaadha?*" Jedhu irratti akka xiyyeeffate armaan olitti ibsameera. Qorannichi hanqinoota armaan gadiitti tarreffaman qaba. Kunis qorannoon kun ergaa irratti waan daangeffameef caasaafi gosa walaloo ilaaluu dhiisuu isaati.

### **1.7. Qindoomina Qorannichaa**

Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamee dhihaate. Boqonnaa tokko seensa keessatti seenduubee, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi qindoomanadhiyaate. Boqonnaa lama sakatta'a barruu walfakkii: obarruu, walaloo, barwalaloo, qooqa walaloo, unka walaloo, amaloota walaloo, gosoota walaloo, ergaawwan walaloo, tooftaa (teekinikoota) walaloo, yaaxina qorannichaafi sakatta'a qorannoo wal-fakkiitu dhiyaate. Boqonnaa sadi mala qorannoo: saxaxa qorannoo, madda ragaalee, mala ragaaleen ittiin funaanameefi mala ragaaleen ittiin xiinxalame of keessatti kan hammate. Boqonnaa arfur keessatti xiinxala ragaalee ergaa walaloo *Bishaantu dheebotee fi Karramookaraadha?* jedhu. Boqonnaa dhumaa keessatti

immoo, cuufaa, goolabaafi yaboo qorannoo yoo ta'u, dhumarratti, kitaabilee wabii, dabaleewwan akka odeeffannootti tajaajilanitu dhiyaate.

## BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII

### 2.1. Ogbarruu

Maalummaa ogbarruu jecha tokkoon lafa kaa'uun hin dandaa'mu. Ogbarruun jechoota muraasaan, yaada bal'aa dabarsuu danda'a. Barreeffamoonni haala akkanaatiin dhiyaatan immoo, kanneen ogbarruu jalatti hammataman yoo ta'an isaaniis barreeffamoota kanneen akka ogwalaloo, asoosamaafi diraamaati. Ogbarruun ogummaa kalaqaa muuxannoo keenya miidhagseefi gabbisee uumuun ittin ibsuuf kan tajajiludha. Ogbarruun yaadota bibilchaatoo jireenya keenya keessatti barbaachisoo ta'an kan ittiin waliif dabarsinu keessaa isa ijoodha jechuun ni danda'ama. Ogbarruun kan ogafaaniifi barruun ibsamus akka ta'e ilaaluu dandeenya.

Ogbarruun karaa ittiin yaada, hawaasummaafi bu'aa ibsatan. Ogbarruun ogummaa kalaqaa muuxannoo keenya miidhagseefi gabbisee uumuufi ittin ibsuuf kan tajajiludha. Yaada kana cimsuun Asaffa (2009, f.39) yoo ibsu, "Literature is a creative work of art which expresses the truth of experience in terms of beauty to be comprehended and it is a means of communicating ideas of intellectual, social, significance." jechuun ibsa. Akka yaada armaan oliirraa hubannuutti ogbarruun hojii kalaqaa muuxannoo dhugaa miidhaginan ibsu. Karaa ittiin yaada, hawaasummaafi bu'aa tokko ittiin ibsatan akka ta'e hubachuun ni dandaa'ama.

Yaadni ogbarruu bal'aa waan ta'eef hayyoota garagaraan hiikni itti kennamee jira; ittis kennamaa jira. Ogbarruun waan baay'eefi bal'aa ta'ee jecha tokkoon ibsuun hin dandaa'amu. Sababni isaas guddinni ogbarruu jaarraawwan garagaraa keessatti mul'atu walxaxaa, ulfaataafi jireenya dhala namaan kan walfakkaatuudha. Yaada kana hayyuu Meyer (2005, f.201) akka amaan gadiitti ibsee jira.

The concept of literature is seen from different points of view. Putting the notion of literature in a single term is not appropriate, because literature does not lend itself to a single tidy definition since its evolution over the centuries has been as complex, heavy, and natural as life itself.

Akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalametti hiikni ogbarruu yaada muraasaan ibsuun ulfaataa kan taasisu ogbarruun jireenya ilmaan namaatiin walqabachuun baraa baratti ce'aa waan deemuuf akka ta'eedha. Kunis kan ta'uu danda'eef dhimmi ogbarruu dhala namaati ilaallata. Maddisaas,



uumaansaas itti fayyadamaan isaas nama. Namuma keessaa waraabamee, namumaan kalaqamee, waa'ee namaa dubbatee, dhimma namaa qabatee namaa waliin walitti hidhatinsa guddaa qaba. Ogbarruun damee lamatti qoodama. Isaanis: ogafaaniifi ogbaruu barreeffamaati. Ogbarruun gama barruutiin jirummoo kutaalee sadii qaba. Isaanis walaloo, asoosamaa fi diraamaa akka ta'an kanaa olitti tuqameera. Qaama ogbaruu keessaa tokko kan ta'e walaloo haala armaan gadiitiin dhiyaateera.

## 2.2. Walaloo

Hiikni walaloo kan namoota hunda irratti waliigalchu yoo jiraachuu baatellee, walaloof hiikni garagaraa yeroo adda addaa keessatti kennameefi jira. Yaada kana Zarihun (2004) akka ibsetti ilaalchi namoonni walaloof qaban yaada dhuunfaa isaanii irratti hundaa'anii hiika waan kennaniif hiikni walaloo namni hundi irratti waliigalu argachuun rakkisaa akka ta'e ibsee ture. Yaadrimee walaloo bara durii, akka Sooqiraaxasitti, walaloon unkaa dhugaa waantoota naannoo keenyaafi guutuu adduunyaarratti argaman kan hundaa yaada waay'ee wanta sanaati. Wantoonni arginu kun akkeessa dhugaati. Walaloon immoo akkeessa kana akkeessa. Kanaaf barruu dhugaa irraa tarkaanfii lama fagaata yaada jedhu qaba ture. Akka Philaaxoositti immoo walaloon madaala hamilee biyyaa fi namootaa bakka warraaqsa, kufaatii hamiilee biyyas ta'u namarraan ga'a. Kanaafuu, waloon addunyaa dhugaa keessa seenuu hin qabu jechuun barreessee falmaa ture. Aristootil yoo ta'e akkasaatti walaloon suga miira namaatii fayyina fida, sodaafi gadda nama keessa jiru dadammaqsuun, nama keessaa mancaasee fayyina namaaf kenna yaada jedhu kennee ture.

Misgaanuu (2013) yaada Stallworth (1997) walaloo irraatti jedhe akka armaan gadii kanatti ilaaluun ni danda'ama. Walaloon barreeffamaan qophaa'ee sagaleen kan miidhagee dhiyaatudha. Walaloon bo'oodhaan, ceesiisaan yookiin buufataan kan tolfamu, miira namaa qabee tursiisu kan danda'u yoo ta'u, kanumatti dabalees, walaloon yeedaloofi filannoo jechaan kan dhimma bahuu akka ta'e kaasee jira. Ka'umsa yaada oliirraa walaloon akkeessa addunyaa dhalli namaa miirasaa fi yaadasaa ittin ibsatu ta'ee hojii kalaqaa jechoota filatamootti dhimma bahuudha. Ogbarruu barreeffamaa keessaa walaloon isa tokko.

Walaloo ilaalchisuun beektonni hiika adda addaa kennaniiru. Hiikni jecha ogwalaloo jedhu ogummaa walaloo jechuun walqabata jechuun ni dandanda'ama. Akka Dundes fi Branners (2007)tti hiikni ogwalaloo jedhu kun jecha Giriikkii "*poiein*" irraa kan dhufe ta'ee hiika

kalaquu yookiin hojjechuu jedhuun walqabata.Waloon tokko yaada isaa yookiin ishee keessaa gargaaramuun walaloo barreessuun akka danda'mu agarra.Akka Perrine (1978)tti walaloon amala baay'ee qusatamaafi hudumamaa ta'e kan qabu,jechoota muraasaan ergaa baay'ee dabarsuu kan danda'u damee ogbarruu ta'uusaa hubanna.Kanneen caalaaa afaan humna qabeessa yoo ta'u,humna kanas tokkoon tokko sarara walalichaa amala mataasaarra kan argate yookiin kanneen dura jedhamanirratti xiyyeeffachuun kan qindeeffame ta'uu danda'a.Walaloon ifaafi ho'iinsa kan qabuudha.Kana jechuun walaloon jecha muraasaan ergaa bal'aa dabarsuu,miiraa kan kakaasu ta'uu danda'a jechuudha.

### **2.2.1. Barwalaloo**

Jalqabbii walaloo barreeffamaa yoo ilaallu, namni yeroo duraatiif barreesse waloo beekamaa biyya Giriikkii kan ta'e Homer kan jedhamuudha.Kitaabota walaloo *Iliad fi Odyssey* jedhaman jaarraa 12ffaa booda Dh.K.D akka barreesse amanama.Yaada kana kan gabbisu Irene (1999,f.7) irratti yoo ibsu,“The Greek poet Homer was born some between the 12<sup>th</sup>, and 8<sup>th</sup> centuries BC, possibly some where on the coast of Asia Minor. He is famous for the epic poem. The Iliad and the Odyssey, which have had an enourmous effect on Western culture, but very little is known about their alleged outhor” jechuun ibsa.Walaloon barreeffamaa damee ogbarruu keessaa kan midhaginaan barreeffamee dubbisaaf dhiyaatuudha.Walaloon barreeffamaa ogbarruuwwan kaan caalaa filannoo jechaan, fayyadama malleen dubbiifi sureessuu gargaaramee waan dhiyaatuuf yaada baay'ee bal'aa ta'ee tokko bifa gurmaa'een ibsa.Yaada kana kan gabbisu Birhaanuun (1999) haala inni itti ibse yoo ilaalamu,barwalaloon ogbarruuwwan kaan wajjiin walbira qabamee yoo ilaalamu kalaqa umurii dheeraa qabachuudhaan beekama.Barwalaloon caaccuulee irraa ijaaramuufi ilaalcha keessa galchu hedduu qaba. Isaan keessaa kanneen bu'uura ta'an filannoo jechootaa, birsaga, walsimannaa sagalee, yeedaloo, safara, sarara, malleen dubbiifi suuresuu fa'a.Kana jechuunisyaada kana irraa akka hubatamuutti walaloon tokko akka nama hawwachuu danda'uuf filannoo jechootatti fayyadamuu qaba. Walalichi filannoo jechootaatiin faayamee yoo dhiyaate, dubbisaan yeroo dubbisuu salphumatti hubachuufi jaallachuu danda'a.Walaloo keessatti yaadi darbuufi jechoonni yaada sana ibsan xiyyeeffanna argachuu qabu. Kanaaf waloon tokko yemmuu walaloo tokko barreessuu, jecha yaadasaa ibsuuf filatee ittii fayyadamuu qaba.Amalli isaas eegamuu qaba.

### **2.2.2. Qooqa Walaloo**

Qooqni walaloo qooqa biroo irraa adda. Sababni isaa waloon yemmuu walaloo barreessuu jechaa, dubbii qolaafi ijaarsa seerluga guyyaa guyyaa namoonni fayyadaman irraa adda ta'e fayyadamuu danda'a. Kanarraa ka'uun dubbiisaan walaloo haala barreeffama hololoo dubbisu irraa adda godhee dubbisa. Yaada kana Sylvan fi William (2009, f.231) akkas jedhanii ibsu.

Language of poetry is a broad category that include figurative speech as well as sound device and imagery from whole of language the author selects certain words and grammatical constructions; these selection constitutes the person's and sequence of words the way the words are meant to be heard playfully, angrily, confidentially, ironically, jechuun lafa kaa'u.

Walaloo keessatti itti fayyadamni jechootaa kanneen akka malleen dubbii fi suuressuu fa'atti dhimma bahuu of keessa qaba. Malleen dubbii ta'ee suuressuun jechoota walaloo yookiin barreeffama tokko keessatti hiika kallattiin qaban irraa hiika gabbataa akka qabaatu kanneen taasiisanidha.

### **2.2.3. Unka Yookiin Caasaa Walaloo**

Unki wanti dubbatamuu fi wanti barreeffamu maal irratti akka hundaa'e waldiddaa, walfakkaatinsaa yookiin gamtaan, ijaarsi isaa maal akka fakkaatu agarsiisa. Ogowalaloon unkaalee adda addaa qaba. Ogowalaloo keessatti walaleessaan yookiin barreessaan tokko kan itti yaaduu qabu keessaa tokko unka walalooti. Yaada kana kan gabbisu Sarif (2018, f. 32) irratti akka itti aanu kanaan ibse. "The structure of poetry can be observed from three sides, those are FLS: Form, Line, and Stanza. Form is the appearance of the words on the page. Line is a group of words together on one line of the poem. Stanza is a group of lines arranged together." Akka yaada kanaatti unki yookiin caasaan walaloo tokko roga sadiin kan ilaalamuudha. Isaanis: tokkoffaa haala yookiin foormii (form) jechoonni fuula waraqaa irratti ittin barreeffamanii taa'aniin kan waqabatuudha. Lammaffaa sararri (line) gurmuu jechoota toora walaloo tokko irratti barreeffamanii, yoo ta'u, sadaffaan buufata yookiin cabsati (stanza) immoo gurmuu sararootaa tarreeffamanii ijaaraman akka ta'e ibsa.

#### **2.2.4. Amaloota Walaloo**

Amaloonni walaloo baay'ee ta'uu danda'u. Isaanis: filannoo jechootaa, rukutaa, dhikkisa, safaraa, dubbiiwwan qolaa, buufata, gaalee, birsagaafi kan kana fakkataniin guutame ta'uu isaa argina. Akka Geetaachoo (2009, f.135) amaloonni walaloo garaagara ta'uu danda'u. Yaada isaas akkaataa itti aanu kanaan ibse.

Walaloon gosa barruu keesssa isa tokko ta'ee amaloota armaan gadii qaba: walaloon buufata kan qabu, gaaleefi ciroo kan qabu, yeroo mara qubee guddaan kan eegalu, dhuma buufata addaddaa irratti sagalee tokkoon waan xumuramuuf sagalee faaruu kan qabu, himoota gaggabaaboon yaada yookiin ergaa cimaa kan dabarsu, jechoota filatamoon kan barreeffamu, miira namaa kakaasuurratti hololoo kan caalu, afoola keessattis haala jireenya hawaasaa ibsa, jechuun lafakaa'a.

Yaada armaa olii kanarraa wanti hubatamu walaloon amala ittiin beekamu adda addaa qabaachuu isaati. Keessattuu, walaloon buufata buufataan qoodamuun, dhuma buufataarratti sagalee walfakkatu qabaachuun, barreeffamoota biroorraa adda isa taasisa jechuudha. Akkasumas filannoo jechootaan guutamee gurra namaatti tolee qopheeffama. Amaloota walaloo jedhaman tokko tokkoon armaan gaditti dhiyaataniiru.

##### **2.2.4.1. Sararoota (lines)**

Sarara walaloo kan jennuu toora walaloo kan jennee waamnu yookiin beeknu jechuudha. Yeroo tokko tokko immoo namoonni bo'oo walaloo jechuun waamu. Akka Fedhesaa (2013, f.29),

Sararri walaloo yeroo baa'yee ergaa dabarsuuf sararoota lamaafi isaa ol yoo ta'e yeedaloo uumee walaloo ta'a. Sararri walaloo tokko bo'oo walaloo yoo ta'u, gaalewwan irraa kan ijaaramuudha. Sararoonni walalaloo keessatti argaman kanneen mana rukutaniifi hin rukutne ta'uun mul'atu. Jechoonni yeroo walitti qinda'anii gaalee ijaaran yaa'aan sagalee achi keessa jiru mijataa ta'uu qaba.

Yaada kanarraa wanti hubatame sararri walaloo yaadaan walitti rarra'anii waltumsaa deemuun yeedaloo uumuun gurratti mi'aawu. Akkasumas sararri walaloo gaalee irraa uumamuu danda'uu ibsa.

#### **2.2.4.2. Buufata Yookiin Cabsata (stanza)**

Cabsanni qaama walaloo tuuta sararootaati. Sagalee moggoo walfakkaatan kan qabuudha. Cabsanni barreeffamoota kanneen biroo (hololoo) kan walaloo hin taane keessatti keeyyataan bakka bu'a. Kanaafuu cabsanni walaloo keessatti yoo ta'u, keeyyanni barreeffama walaloo hin taane keessatti bakka bu'uun tajaajila. Keeyyanni barreeffama hololoo keessatti yaada ijoo tokko qabatee yoo dhiyaatu, cabsanni (buufanni) immoo walaloo keessatti yaada ijoo tokko qabatee dhiyaata jechuudha. Kanumaan walqabatee Fedhesaa (2013, f.25) "Cabsanni gurmaa'ina sararootaafi sagalee moggooti.", jedhee ibsa. Kana jechuunis buufatni walitti qindoomina sararoota lamaafi kanaa ol ta'uu isaa arganna.

#### **2.2.4.3. Gaalee (Phrase)**

Gaaleen jechoota irraa kan ijaaramu, walhaammannaa jechootaa ta'ee birsaga murta'aa kan of keessaa qabuufi walitti hidhatiinsa cimaa kan qabu, akkasumas walakkaa toora walalooti. Walaloo keessatti gaaleen toora tokkoon tokkoon isaa walqixxeessee kaa'uun akka walalichi unka miidhagaa qabaatu taasisa. Fedhesaa (2013).

#### **2.2.4.4. Birsaga (syllable)**

Walaloon birsagootaan walqabachuun sararri walaloo yeedaloo uumuun ergaa gaarii dabarsuu danda'a. Walaloo keessatti birsaga yoo qoodnu jecha keessatti bakka birkiin hafuura keenyaa itti addaan citutti qoodna jechuudha. Yaada kana Geetaachoo (2011, f. 39) irratti "Birsaga jechuun caasaa sagalee dubbachiiftuu qofaadhaan ykn walitti qindaa'ina sagalee dubbifamaaafi dubbachiiftuutiin kan ijaaramu" jechuun lafa kaa'a. Yaada armaan olii irraa akka hubannutti birsaga jechuun cita sagalee hafuura tokkoon dubbifamu akka ta'eedha. Walaloo keessattis gaaleen baaayina birsaga garaagaraatiin guute agarra. Afaan Oromoo keessatti gaaleen birsagaan yommuu safaramu, birsagni immoo qindaa'ina dhamjechootaa irratti hundaa'a.

#### **2.2.4.5. Filannoo Jechaa**

Jechoonni filataman humna dhageettii keessoo namaa, dhikkifannaa, miixuufi waan kana fakkaatan kanneen ibsan ta'uu hubanna jechuudha. Addunyaafi kaawwan (2005). Walaloon filannoo jechootaan kan dhiyaatuufi jechoota muraasaan ergaa bal'aa dabarsa. Walaloon jechoota baay'ee nama hawwataniin dhiyaata. Akka Fedhasaan (2013, f.85) ibsutti "Walaloon gosa ogbarruu miidhagina sagalee, filannoo jechootaa, yeedaloo, walqixxummaa, safara

birsagootaa, unata sagaleefi duraa duuba jechootaan beekamuudha” jedha. Fayyadamni jechootaa walaloo keessatti argamu karaa ifa ta’een ergaa barbaade akkuma dabarsu, hiika dhokataas ni qaba. Hiika dhokataa jechuun hariiroo jechi tokko wantoota yookiin taatee hawaasaa waliin qabuudha jechuu dandeenya.

Barreessaan walaloo ergaa isaa quubsaan dabarfachuuf filannoon jechaa baay’ee isa barbaachisa. Sababni isaas walaloon gabaabbatee ergaa bal’aa dabarsa waanta’eef. Yaada kana kan cimsu Beekan (2015, f.242-46) irraatti akka armaan gadiitti ibse.

Barreessaan yookiin dubbataan ergaa dhaggeeffattoota yookiin dubbistoota isaaf dabarsuu barbaade ni qaba. Ergaa kanas dabarsuuf jechoota yaadasaa haalaan dabarsan filachuun dirqama ta’a. Jechoonni filatamanis kanneen ergaa barbaadame dubbisaa biraan ga’an ta’uu qabu. Barreessaan jechoota yaadasaa sirriitti ibsan filachuun dura qabxiilee armaan gadii beekuun barbaachisaadha: jechoota idilee, jechoota dubbii qolaa, jechoota al-idilee ... beekuun akka ulaagaatti nama fayyadan ta’uu ibse.

Kanaafuu, yaada keenya dubbisaan akka nuuf hubatuuf jecha filachuun daran barbaachisaadha.

#### **2.2.4.6. Rukutta (sagalee moggoo) (rhyme)**

Amala walaloo keessaa rukuttaan immoo xumura toorawwan walaloo lama yookiin isaa ol sagalee tokko ta’aniin yookiin kan walfakkataniin yoo goolabaman sagalee uumamu ta’a. Amalli kun walaloon bareedina addaafi yeedaloo akka qabaatu taasisa. Waan kana ta’eef walaloon humna namoota dubbisaniifi dhaggeeffatan ofitti harkisu qabaachuu danda’a yaada jedhu qaba. Addunyaafi kaawwan (2005). Walaloo armaan gadiirraa ilaalanii hubachuun ni dandaa’ama.

Egduu safuu uumaa

Tiksituu uumamaa

Nageenya ilma namaa

Madda bilisuummaa

Madaallii uumamaa

Gaaddisa namummaa

Galma oromummaa

Nuuf tiksi ati uumaa

...Tarruu (2013,f.34)

Walaloo armaan olii keessatti bo'oon isaa dhumarratti sagalee walfakkaataan mana rukutee argama. Innis birsaga /maa/ qabatee dhuma toorawwan hundarratti argama jechuudha.

#### 2.2.4.7. Safara (meter)

Safarri baay'ina caaseffama gadi bu'uufi olka'uu sagalee toora walaloo keessatti argamuun kan walqabatu ta'a. Fakkeenyaaf, toora walaloo 1ffaa armaan gadii kana keessatti birsaga [yaa]fi [ee] sagaleen gadbu'ee olka'a. Kanaan safara isaa ni beekna jechuudha.

↓ ↑ ↓ ↑ ↓ ↑  
Yaa'ee yaa'ee- yaa'ee deema

Diida laalee-keessatti hima ....

Addunyaafi kaawwan (2005, f.78).

Akkaataa walaloo armaan olitti agarsiifameen hamma gadi bu'uufi olka'uu sagalee safaruu dandeenya jechuudha. Kunis 'yaa' irratti sagalee yoo gadbu'u, 'ee' irratti immoo olka'a.

#### 2.2.4.8. Yeedaloo yookiin dhikkisa (Rhythm)

Yeedaloon walaloo tokkoo kan ijaaramu: birsaga, gaalee, sagalee moggoofi sararoota walalootini. Yeedaloon walmadaaluu birsagootaa, sagaleewwaniifi sararootaan kan qindaa'uufi ijaaramaniidha. Kanaafuu yeedaloon kan ijaaramu birsagaan, sagaleewwaniifi sararootaan akka ta'e hubanna jechuudha. Fedhasaan (2013, f. 25) irratti itti dabaluun "Amaloota walaloo keessaa yeedaloon tokko ta'ee sagalee muuziqaa walaloo keessa dhagaa'amuudha" jechuun barreesse.

#### 2.2.4.9. Dubbii Qolaa

Walaloon gabaabbatee jechoota muraasaan waan hedduu dabarsa waanta'eef dubbiin qolaa baay'ee isa barbaachisa. Addunyaafikaawwan (2005). Waa'ee dubbii qolaa Harry (1972, f.208) yemmuu ibsu, "A figure of speech in which the literal (denotative) meaning of a word or statement in the opposite of that intended. In literature, it is a technique of indicating an intention or attitude opposed to what is actually stated" jechuun barreesseera. Qabxii kanarraa kan

hubatamu, malleen dubbii barreeffamoota yaaduumeefi dubbii yookiin haasawaa tokko amansiisaa taasisuuf gahee guddaa taphachuu akka danda'uudha.

### **2.3.Gosoota Walaloo**

Gosoonni walaloo baay'ee yoo ta'nillee, isaan keessaa beekamoon kanneen armaan gaditti dhiyaataniidha. Akaakuu walaloo ilaalchisee hayyooni baay'een yaadota adda addaa lafa kaa'u. Fakkeenyaaf, Glencoe/Mc (2007, f.437) "There are many types of poetry, and many poems fit within more than one category." Yaadni kun akka ibsutti walaloon gosa baay'ee kan qabuufi damee adda addaa qabaachuu ibsa. Gosoota walaloo beekamoo ta'an armaan gaditti dhiyaateera.

#### **2.3.1. Walaloo Liirikii (Lyric poetry)**

Walaloon kun yaadota dhala namaafi fedhii dubbataa tokko kan ibsuufi calaqqisiisuudha. Yaada kana kan cimsu haala itti aanuu kana fakkaata. Glencoe/Mc (2007, f. 437) "Lyric poetry expresses the personal thoughts and feelings of the speaker." Kana jechuun gosi walaloo liirikii karaa ittiin yaada dhuufaa ibsaniifi hawwii dubbataa calaqqisiisaniifi ittiin guutuu yaalu. Yaanni biraan walaloo liirikii ibsummoo akka Sarif(2018, f.69) "Lyric poetry is any poem with one speaker (not necessarily the poet) who expresses strong thoughts and feelings. Most poems, specially modern ones, are lyric poems." Akka yaada kanaatti walaloo liirikii dubbataa tokko kan yaada cimaa ibsuufi hawwiisaa calaqqisiisuuti. Walaloowwan ammayyaa baay'een kan akkasiiti jechuudh

#### **2.3.2. Walaloo seenessaa (Narrative poetry)**

Gosni walaloo kun waan tokko seenessuuf walaloo barreeffamu, kan waa'ee seenaafi gocha tokko ibsuudha. Damee adda addaas of keessaa qaba. Yaada kana kan cimsu Berhanu (2009) yoo ibsu, walaloon seeneffamaa akkuma maqaan isaa ibsutti kan seenaafi gocha tokko ibsu akka ta'ee ibse. Akkasumas, gosti walaloo kun dame adda addaa akka qabu kaasee jira. Isaanis roomaansi(romance), epiki(epic) fi ballad'tti akka qoodamu agrsiise. Akka yaada kanaatti walaloon seenessaa taatee seenaa tokko kan himuufi ibsu ta'ee damee sadiin kan qabu ta'uu isaati. Alex, P (1974, f.542) irratti immoo yoo ibsu,

Narrative or story telling developed from ritualistic chating of myths, and has traditionally been grouped into two poetic catagories epics, and ballad. The stories where not



memorized as is generally assumed but instead bards improvised oral chants, relying on heavy alliterative and assonantal techniques, which seemed to put both the bard and the audience into a trance jechuun kaa'a.

Kanarraa kan hubannu walaloon seenessamaa kan oduu durii fi ta'iinsota tokko himuudha. Oduu durii kan of keessaa qabu waan ta'eef yaada namoota dubbisanii ofitti hawwata. Gosa lama qabas. Yaada kana kan gabbisu Sarif (2018, f.69) "Narrative poem is a poem that tells a story ; its structure resembles the plot line of story i.e. the introduction of conflict, and characters, rising action, climax and the denouement." Akka yaada kanaatti, walaloon seenessaa seenaa kan himuudha. Sabseenaa tokko tooraa bu'uun seena qooddataafi waldiddaa, bakka gochi fiixee gahuun furmaatatti dhufu agrsiisa.

### **2.3.3. Walaloo Diraamaa (Dramatic poetry)**

Walaloon gosa kanaa yaada sammuu namaa keessatti bifa diraamaan bocanii waloon barreeffamuun ergaa dabarsuun kan beekamaniidha. Walaloon akkasii kan qooddataa tokkoofi isaa olqabaatee walii isaaniitti yookiin dubbisaatti haasa'uudha. Yaanni kun yoo gabbatu, Glencoe/Mc (2007, f.437), "Dramatic poetry usually has one or more characters who speak to other characters, to themselves, or to the reader." Akka yaada armaan olii kanaatti walaloon bifa diraamaa kan qooddataa tokko yookiin qooddattoota qabachuun kan waliin dubbatan yookiin dubbisaatti ergaa tokko himuun ta'uudha.

### **2.4. Ergaa Walaloo**

Waa'ee walaloo xiinxaluu ilaalchisee hayyoonni yaadota garagaraa qabu. Ergaa walaloo jechuun dhaamsa, barumsa waa'ee jireenyaa, waa'ee dhala namaa, waa'ee uumaafi uumamaa walaloon tokko ibsuudha. Xiinxalli walaloo wantoota adda addaa walaloon of keessaa qabu ilaaluu ta'a. Jechuunis ergaa, caasaaa, unka, qabiyyee fi seenaa walaloo keessatti argamaniidha. Yaada kana William (2006, f.15) irratti yoo ibsu, "Poem analysis is the process of investigating a poem's form, content, structural, semiotics and history in an informed way with the aim of heightening one's own and others' understanding and appreciation of the work" jedha. Yaada kanarraa wanti hubannu, xiinxalli walaloo tokko caasa, unka, ergaa, qabiyyee fi seenaa walalichi kaasu akka ta'e ibsa; hubannaafi dinqsiifannaa hojii tokkoo walqabata jechuudha.

Yaada kana gabbisuuf marsariitiin <https://study.com> akka jedhutti, “The theme is the lesson about life or statement about human nature that the poem expresses. To determine theme start by figuring out the main idea...” jedha. Yaada kanaan kan walfakkaatu ragaa biraan <https://penandthe pad.com/> haala itti aanuun ibsa.

The theme of a poem lies in the meaning of the story it tells. It is tempting to think of a theme as the subject of the poem, but this is not always the case. Many poems have more than one theme, and they are closely related to the feelings the poet is trying to convey. For this reason, themes in poetry are as varied as the ups and downs we experience in life. Love and attachment, tragedy and loss, God and Spirituality, milestones and memories. Common theme can include: loneliness, oppression, transformation, goodversesivel, struggle and accomplishment, death, rebirth, initiation, redemption, and freewill. <https://penandthe pad.com/>

Akka yaada armaan oliitti ergaan walaloo tokkoo dhimma dabarsuu barbaade seenaa yaadichaan walqasiisuuni. Ergaan walaloo dhimma murtaa’ee tokko waliin hidhata qabaachuu ni danda’a waan ta’eef. Garuu kun yeroo mara sababa ta’uu hin danda’u. Walaloo hedduun ergaa tokkoo oli qabaachuu waan danda’aniif. Akkasumas ergaa waloon dabarsuuf kaayyeffate wajjin hidhata waan qabuuf. Kanaafuu ergaan walaloo muuxannoo jireenyaaf oliifi gadi bu’anii ba’anii waan walqabatuuf baay’ee ta’uu danda’a. Fakkeenyaaf, waa’ee hawaasaa, siyaasaa, amantii, qofumma, lola, du’a, kaka’umsa, ce’umsa, jaalala, uumaa, gaddaafi gammachuu, gootummaa, aadaa, amantii, yaadannoo taatee seenaa tokkoofi waan kana fakkaatan ta’uu danda’a.

Kanaafuu, ulaagaa ergaatiin walaloon tokko kan siyaasaa, hawaasaa, seenaa, aadaa, amantaafaan qooduun ni dandaa’ama.

Walumaagalatti ergaan walaloo gama addaddaatiin dhiyaachuu danda’a. Isaan keessaa muraasni: inni tokko ergaa walaloo gama hawaasummaatiin jiru. Ergaa walaloon darbu keessaa tokko waa’ee hawaasummaa waloon waan argu, kan itti dhagaa’mu walaloon ibsachuu danda’a. Haalli hawaasummaa saba tokko maal akka ture, maal akka fakkaatu walaloo tokko keessatti waloon ibsamuu danda’a. Kanaaf qabiyyee ergaa walaloo keessaa hawaasummaan isa tokko ta’uu danda’a jechuudha. Kan biraan ergaa walaloo gama siyaasaan jiru. Ergaa walaloo keessaa siyaasni

hawaasaa isa tokko.Siyaasni maa lakka isaaf hojjete, maal akka isarraatti hojjete, miidhaafi gaarummaa isaa ibsuu danda'a.Itti dabalees ergaa walaloo gama amantiin jiru.Ergaa walaloon tokko dabarsuu dada'u keessaa inni biraan immoo waa'ee amantii uummata tokkoo ta'uu mala.Sababoota addaddaan amantiin saba tokko keessa jiru gargar ta'uu waan danda'uuf gama kanaan waloon walaloo tokko waan argee taajjabe tokko walaloo isaatiin ibsuu mala jechuudha. Inni kaan immoo ergaa walaloo gama seenaan jiru.Hawaasni kamuu seenaa mataa isaa qaba.Seenaan uummata tokko maal akka fakkaatuufi akkam ture waloon walalaloo isaatiin ibsuu danda'a.Kan biraan ergaa walaloo gama afaaniifi eenyummaa jiru.Afaan ibsituufi mallattoo eenyummaa saba tokkooti.Walaloo keessatti waa'een afaan hawaasa tokkoo ibsamuu danda'a.Kanaaf afaan uummatichaa maal akka fakkaatuufi afaan isaatti gargaaramuun walqabsiisee waloon walaloon ergaa dabarsu qaba.Dhumarratti ergaa walaloo gama adda addaa jiru kan akka gootummaa,haadhaafi waan kana fakkaatan ergaa walaloo keessaa tokko ta'uu waan danda'uuf qoratichi mata duree qorannoo kanaa jalatti ergaa walaloo addaddaa ilaalee jira.

## **2.6.Yaaxxina Qorannichaa**

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu yaaxina ittiin ilaalamu qabaachuu qaba.Bu'uuruma kanaan qorannoon kun yaaxina xiinhawaasumma bu'uureffachuun geggeeffame. Waa'ee yaaxina kanaa Sell (2000,f.2) maalummaa isaa yoo ibsu akkas jedha, “ The term social criticism often refers to a mode of criticism;that located the reasons malicious conditions in a society considered to be in aflawed social structure” jedha.Jechuunis yaaxinni kun bu'uurumarraa amantaa walqannaa ogummaafi hawaasicha gidduu jiru ka'umsa ta'uufi walitti dhufeenya kana qorachuunis ga'umsa hojii ogbarruu tokko walqabsiisuufis ta'e hubannoo guddisa yaada jedhu qaba.Barreessaan tokko hawaasicha keessaa kan argameefi hawaasichi kan boce waan ta'eef haala hawaasichaa roga adda addaan hojii isaa keessatti calaqqisiisuuf dirqama akka qabu ibsa.Kanaafuu kan walaloo xiinxalus dursee hojii isaa keessatti kan irratti xiyyeeffatu barruun sun haallan hawaasichaa hagam calaqqisiiseera qabxiilee jedhaman irratti.Hojiin ogbarruu tokkos kan ilaalmus haala hawaasaa roga adda addaan sadarkaa ibseen ta'a. Xiinxala sirrii ta'e gochuufis namni xiinxalu sun haallan hawaasichaa hubachuu qaba.Sababni isaas miseensa hawaasichaa waan ta'eef bara jiraate sanatti taateen ta'ee fi sochiileen argaman isas ni ilaalata.Dhimmoonni achi keessatti ka'anis hawaasummaa siyaasaa,dinagdee duudhaa bara sanaa ala ta'uu hindanda'ani.Yaaxinni xiinhawaasaa hojii og-barruu tokko keessatti waa'ee hawaasummaa, siyaasaa, seenaa, aadaa,

duudhaa, falaasamaa, dinagdee fi kanneen biroo qorata. Jalqabbiin isaas jaarraa 20ffaa keessa hayyuu Keneth Burke tiin eegalamuufi yaaxinichi akkaataa og-barruun haala jiruufi jireenya hawaasaa keessatti fayyadu kan of keessatti qabatu akka ta'e Adams (1971) ibsee jira. Dabalataanis, yaaxinichi eenyutu maal irratti tajaajila kan jedhuufis walitti dhufeenya ogeessa kalaqaa yookiin aartii fi hawaasaa gidduu jiru sakatta'a. Yeroo tokko tokko hawaasa ogeessichaa qorachuun kalaqa hojii ogeessicha yookiin aartii kana haalaan hubachuuf carraaqa. Altokkoo tokko immoo, calaqqee ruqoolee hawaasaa hojiilee ogummaa kalaqaa sana keessaa barbaada. Waan kana ta'eef yaaxinni xiinhawaasaa waa'ee hawaasa barreessichi keessaa dhufee fi ga'een barreessichaa akka qaama caasaa hawaasichaattis maal akka ta'e bira gahuun xiyyeeffannaa argachuu qaba, Adams (1971).

Walumaagalatti, akka ilaalcha yaaxina kanaatti ogbarruun kuusaa haala hawaasummaa ibsuufi bu'aa waa'ee hawaasummaatti ilaalama. Kanaafuu, yaaxiinni xiinhawaasummaa hojiin kalaqaa tokko haala jiruufi jireenya waliigala hawaasaa bal'aa keessatti hubachuuf xiyyeeffata. Kanamalees, xiinxalliin isaas haala ogbarruun jireenya hawaasaa keessatti fayyaduufi akkaataa jireenyi hawaasummaa ogbarruu keessatti fayyidaarra oolun walqabata. Kanaafuu, qorannoon kun gosa ogbarruu keessaa walaloo irratti xiinxala *ergaa* keessoo walaloowwan filatamanii sakatta'ee baasuun, barreessitoonni hojii isaanii keessatti haallan hawaasa Oromoo keessatti argaman waan arganii fi taajjaban karaa siyaasaa, seenaa, hawaasaa, amantaa, gootummaa, duudhaafi kan biroon ergaa akkamii dabarsan kan jedhu xiinxale waan agarsiiseef qorannichi ija yaaxxina hawaasummaan ilaalme.

## **2.7. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii**

Qorataan qorannichaa qorannoo biroo kan isaan walfakkaatan akka armaan gadiin ilaalee jira. Kunas tokko tokkoon haa ilaallu.

Haannan (2008) qorannoo ishee kan geggeessite qaaccessa ergaa walaloo Anaan'yaa kan Asaffaa (1998) barreeffame irratti yoo ta'u, kaayyoo guddaan qorannoo kanaas walaloon anaan'yaa xiyyeeffannoo isaa guddaan maal irraatti akka ta'e ilaaluufi walaloon kun dhugaa jireenya hawaasaa waliin walfakkaataa kan jedhu ibsuu ture. Mala addeessaatti gargaaramuun ilaalte. Walfakkeenyaafi garaagarummaa qorannoo kanaafi kan Haannaa, lachanu ergaa walaloo ilaalu yoo ta'u, xiinxala keessaatti qorannoon kan ishees ta'e qorannoon kun waa'ee amantii

siyaasaa,hawaasaafi kan biroon walqabatee ergaa jiru ilaaluudhaani.Garaagarummaan jiru immoo Haannaan kuusaa walaloo tokko yoo xiinxaltu,kunimmoo kuusaa walaloo lama xiinxaluun ulaaa digirii lammaffaan guutuun ilaalame.

Maqdas (2011) qorannoo ishee ergaa walaloo Anaan'yaa kan xiinxalte yoo ta'u, kanas digirii lammaffaa ittiin guuttachuuf Yuunivarsiitii Jimmaatti geggeessite.Kaayyoo qorannichaa ergaa walalichaa xiinxaluuf waan ta'eef milkaa'ina kaayyichaa immoo mala akkamtaa fi ibsaatti fayyadamtee xiinxala ergaa walalichaa geggeessite.Walfakkeenyi qoraqnnoo kanaafi kan ishee maloota walfakkaataa gargaaramuu,baay'ina boqonna shan shan ta'uu, ergaa gama adda addaan jiran barruu kalaqaa keessaa sakatta'uun ilaaluufaa yoo ta'u, garaagarummaan jirummoo mata-duree walaloo adda addaa fayyadamuu isheen kuusaa walaloo duraanii tokko qofarratti yoo xiyyeeffattu qorannoon kunimmoo kuusaa walaloo lama kan yeroo dhiyoo barreeffaman keessaa ergaa isaan qabatan xiinxaluu, ergaa dhimmoota addaa addaa ibsan qorannoon ishee baay'inaa jaha yoo xiinxaltu, qorannoon kunimmoo ergaa gurguddoo jechuunis gama hawaasaa, siyaasaa,seenaa jalatti qoqqooduun baay'ina ergaawwan soddoma ta'an ilaaleera.

Ibsaa Addunya '*Qaaccessa Itti Fayyadama Malleen Dubbii Ogowalaloo Anaan'yaa Keessatti*' ulaagaa digirii lammaffaa guuttachuuf bara 2016 kan geggeesseedha.Kaayyoo qorannichaa galmaan ga'uuf mala akkamtaatti gargaarame.Walfakkeenyaafi garaagarummaa qorannoo kanaafi kan Ibsaa yoo ilaallu,walfakkeenyi isaanii digirii lammaffaan qabiyyee walaloon qabu ilaaluu,mala akkamtaan fayyadamuu,waa'ee dubbii qolaa walaloo keessatti kaasuun ilaaluu fa'i.Garaagarummaan isaanii immoo Ibsaan fayyadama malleen dubbii walaloo anaan'yaa keessatti yoo xiinxalu qorannoon kunimmoo ergaa walaloo kuusaa walaloo lama keessatti ilaaluu isaatiin.

Isaaq qorannoo isaa (2003) mata-duree '*Sakatta'a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaloo Mootii Qubeefi Kumee kumaatamaa*' jedhu irratti kan xiyyeeffateedha. Qorannoon kun ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan gaggeeffameedha.Walfakkeenyi qorannoo kanaafi kan Isaaq yoo ilaalamu, lachanuu qorannoo keessatti waa'ee dubbii qolaa kaasuun hamma tokko ilaaluuniifi mala walfakkaataa gargaaramuu wal isaan fakkeessa.Garaagarummaa isaanii immoo, Isaaq qorannoo isaa kaassatti fayyadama sadoommii walaloo *Mootii Qubeefi Kumee kumaatamaa* jedhu irraatti yoo xiyyeeffatu,qorannoon kunimmoo '*Xiinxala ergaa kitaaba*

*walalooBishaantu dheeboteefi karramoo karaadha?*’,jedhu kitaalee lama irratti xiyyeefachuun garaagarummaa isaanii ta’a.

Kan biraan immoo Kora qorannoo Yuunivarsiitii Jimmaa irratti kan dhiyyate‘*Qaaccessa walaloo Zalaalam Abarraa Ana Anafi Ana* ’jedhu kan Tashoomaa Egeree (PhD)’tiin qoratame.Kaayyoon qorannichaas gooreewwan xinqooqaa akkamitti akka qindeeffanii hiika walalichaa ijaaran ragaa gooreewwan xiinqooqaa argamuun hiikni walalichaa akkamitti akka ijaaramuufi miidhagina walalichaa ajaa’ibsiifachuuf.Kaayyoo kana galmaan ga’uuf malli akkaatummaa(stalistic approach) tu hojiirra oole.Kana malees malli afee (baanuu) qaaccessuu (textual analysis) ragaalee walalicha keessa jiran gadi fageenyan xiinxaluuf itti fayyadame.Kaayyicha galmaan gahuuf mala akkayyootiin walalicha filate. Mala itti dhimma bahameefi ragaalee qaaccessaman irratti hundaa’uun, “gadameessi seenaa” yookaan “kaleessi” waan hara’aa ijaaruuf waan boruu ammoo raaguuf bu’uura ta’uu, kun ammoo qorsammuu sammuu riphaa keessa kuufamee kan ol taa’u ta’uu walalicha keessatti mul’ateera. Kana malees, kaleessi har’aafi boru bifa geengoon (cyclical) gangalataa kan adeemu malee bifa xiyyaan (linear) kallattii tokkoon kan adeemu akka hin taane mul’iseera. Walalichi falaasama kan qaroomina Kush irraa qicee seenaa abbootii durii mil’uun akka ilaalamuufi irra caalaa gadameessa seenaa kanaatti deebi’anii akka qorataniif nama kakaasa.Walumaa galatti, adeemsa qorannoo kanaa keessatti, qaaccessi walaloo mala gahaa ta’e tokkorratti hundaa’e ergaa walalichaa sirriitti baasuuf akka nama gargaaru hubatameera. Barsiisonni ogbarruu yookiin afaaniis malawwan qaaccessaa garagaraa gargaaramuun barattoonni qeeqa walaloo gahaa ta’e akka kennaniif shaakalchiisuu akka qaban agarsiise.

Walfakkeenya qorannoo kanaafi kan Tashoomaa Egeree (PhD) yoo ilaallu, Walaloowwa kunneen falaasama kan qaroomina Kush irraa kan budduqsee seenaa abbootii durii mil’uun akka ilaalamuufi irra caalaa kalaqa barreessaan kan waltumse gadameessa seenaa kanaatti deebi’anii akka qorataniif nama kakaasu.Akkasumas, walaloo kalaqa barreessaan ijaaramee hawaasaaf ergaa dabarsuuf taa’e keessa isaanii xiinxaluuniifi mala akkayyooti dhimma bahuun wal isaan fakkeessa.

Garaagarummaan qorannoo kanaafi kan Tashoomaa (PhD), lachanuu walaloo addaddaa xiinxaluufi qorannoon kun mata-duree kitaaba walaloo lamarraatti xiinxala geggeessuun garaagarummaa isaanii agarsiisa.

## **BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNOO**

### **3.1 Saxaxa Qorannoo**

Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaatiin geggeeffame. Saxaxi waliigala qorannichaas mala ibsa akkamataa (qualitative descriptive)ti. Kaayyoon qorannoo kanaa ergaa walaloo xiinxaluuudha. Kana gochuuf immoo qoratichi mala ibsa akkamtaatti fayyadame. Sababni isaatis odeeffannoon qorannoo kanaaf guuramun dhimma itti babhame hundi lakkoofsan utuu hin taane jechaan kan ibsameefi xiinxalame waan ta'eef. Kanarraa wanti hubatamu qorannoo kana keessatti ragaan walitti qabame, xiinxalameefi hiika argate hundi jechaan ibsi itti kenname jechuudha. Sababni isaatis mata-dureen qorannoo kanaa xiinxala ergaa walalooti. Malli akkamtaa kunis immoo qorannoochaarratti ragaalee ergaa walaloo jechaan ibsa kennuun kan gaggeeffame waan ta'eefi.

### **3.2. Madda-Ragaalee**

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaadha. Maddi ragaa tokkoffaa kunis kitaabilee walaloo *Bishaantu Dheeboteefi Karramookaraadha?* jedhamaniidha. Malli maddi ragaa kun itti filatames mala mit-carraa ta'ee mala kana keessaa immoo akkayyoo fayyadamuun filatamee kan raawwateedha. Sababni mata-dureewwan kun filatamaniifis walaloo yeroo dhiyoo keessatti bareeffaman ta'anii kan hanga ammaatti qorannoon kamiyyuu ergaa keessoo isaanii keessa jiru irratti qorannoo adeemsisuun baasanii lafa waan hin keenyeef waan ta'ee. Akkasumas, ragaaleen walaloo kanneen keessa jiran kan baay'een isaanii yaadaan waldeggerani ta'uu isaa qoratichi qorannoo adeemsiseen agarsiiseera.

### **3.3. Mala Ragaan Ittiin Funaaname**

Qorannoon mala akkamtaan dhugaa hawaasa tokko keessa jiruufi barruu bira ga'uuf mala funaansa ragaa adda addaatti gargaaramuu danda'eera. Fakkeenyaaf, qoratichi ragaalee kitaabilee walaloowwan filataman keessa jiran kallattii ittiin ibsameen, yaadota adda addaa walaloowwan kanneen kaasan sana akkaataa walitti dhiheenya isaaniitiin walitti funaanuun xiinxalamaniin, ergaawwan isaanii agarsiisuun, odeeffannoo sakatta'a dookumantiin xiinxalmaniiru.

#### **4.3.1. Sakatta'a Dookumentii**

Ragaan qorannichaa sakatta'a dokumantii gochuun funaannamee jechaan ibsame. Kanaafis malli ibsa akkamtaa sakatta'a dokumantii keesattis hojiirra oole. Sakatta'a dookumentii jechuun adeemsa qorannoo tokko gaggeessuu keessatti tooftaa qorannoo sana fudhatamummaafi dhugummaa isaa mirkaaneessuuf kitaabaafi bareeffamtoota bifa adda addaatiin taa'an xiinxaluun ciminaa, hanqinaafi qabiyyee isaanii ibsuuf kan gargaarudha. Yaaduma olii kana deeggaruun Dastaa (2011,f.131) yoo ibsu, "Barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannootitti nama fayyadan hedduutu jira. Isaan keessaa kanneen akka waraqaa ragaa ,kitaabota, xalayaa, nagahee, ajandaa,qaboo yaa'ii,barreeffama murtii,yaadannoofi kanneen kana fakkaatan ta'uu danda'u" jechuun ibseera.

#### **3.4. Mala Xiinxala Ragalee**

Qorannoo kana geggeessuuf mala akkamtaatti dhimma bahameera. Sababni isaas ragaaleen funaanaman ergaawwan walaloowwan kanaa jechaan ibsaman. Hojii qorannichaa keessatti gosti qorannoo hojiirra oole qorannoo qulqulleeffataa waan ta'eef, odeeffannoon qorannichaas xiinxalamee kan ibsame jechaani. Kunis duraan dursee kitaabilee walalichaa xiyyeeffannoon dubbisuun ijoo ergaa qabatee jiru fuula isaa waliin kaa'uun kan adeemsifamee dha. Ergaawwan maalii eenyuuf akka dabarsan, ulaagaa yaaxxina hawaasaa bu'uureffachuun adda baasuun xiinxalame. Qorannoo akkamtaan geggeeffame keessatti mala ibsaatti dhimma bahuun ni dandaa'ama. Dabalatanis, Dastaa(2002,f.20)'irratti "Qorannoon mala akkamtaa kanaan gaggeeffamu odeeffannoo argame mala ibsaatin dhiheessu" jedha. Kanarraa ka'uudhaan mala kanatti dhimma bahameera.



## BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE

### 4.1. Odeeffannoo Kitaaba Walaloo Bishaantu dheeboteefi Karraamoo karaadha?

Qorannoon kun xiinxala ergaa walaloo kitaabilee lama irratti akka xiyyeeffate boqonnaa tokko keessatti ibsamee jira. Kitaabni jalqabaa mataduree *Bishaantu Dheebote* jedhu yoo ta’u, inni lammataa immoo mata duree *Karraamoo Karaadha?* kan jedhamuudha. Kunis akka itti aanutti dhiyaateera.

#### 4.1.1. Odeeffannoo Kitaaba Walaloo Karraamoo karaadha?

Walaloo qorannoon kun irraatti geggeeffame keessaa tokko kuusaa walaloo *Bishaantu dheebote* jedhu. Kunis bara 2013 Tarruu Ungureetiin barreeffame. Fuulli qola ala kitaabichaa gara olii isaatti: mata-duree kitaabichaa, Odaa urjii shan ofirraa qabu, kan alaabaa Abbaa Gadaan marsamee, biiftuufi namoota lagatti irreeffachaa jiran ofirraa qaba. Gara gadii irratti immoo himoota akka “*Orumummaan Eenyummaa Keenya!!!*” fi “*Namni Eenyummaa Ofii hinbeekne Garbicha!*” jedhamantu jiru. Akkasumas maqaa barreessichaa, bakkaafi bara maxxansaa arganna. Karaa duuba qola ala kitaabichaatiin immoo halluu magariisa irratti suura barreessichaafi yaada namootaatu jiru.

Kuusaa walaloo kana tartiiba qindoomina keessoo isaa yoo ilaallu, mata-duree *Bishaantu dheebote* jedhu, kuusaa walaloo Tarruu Unguree tiin, maqaa gulaaltotaa, biyyaa, baraafi bakka maxxansaa arganna. Akkasumas, kuusaa walaloo kun galata, yaadannoo, dhaamsa, seensaa, walaloowwan kitaabichaafi barruu xiqqoo waa’ee Finfinnee jedhamantu jiru. Tokko tokkoon haa ilaallu. Galata keessatti dursa waaqa galateeffachuun itti aansuun immoo waaqeffattoota Bishooftuu, hiriyyootasaa, gulaalaa hojii isaafi uummata Oromoo kitaabicha dubbisan galata galcha. Kanatti aansuun yaadannoo jalattimmoo barreeffama “Yaadannoon kitaaba kanaa, uummata Oromoof dhalatee bara jireenyasaa uummata Oromoof bu’uura guddaa buusee kan du’e, gooticha, hayyichaafi qaroo Oromoo Hayilamaariyaam Gammadaatiif haa ta’u.”, kan jedhutu jira. Dhaamsa jalatti immoo barreeffama ilmaan Oromoof dhaamsa ciccimmoo qabantu keeyyata torbaan taa’ee jira. Fakkeenyaaf, nuti ilmaan Oromoo, akka dhabne malee wanti dhabne tokkollee hin jiru. Akka dhabneeti waan qabnu qindeessinee itti fayyadamuu dhabne...jedhaa keeyyata jalqabaa eegala. Keeyyanni lammataa immoo osoo waan hunda qabnuu waan ormaa jala

kaachuun gadhummaadha... jedhee jalqaba.Keeyyanni sadaffaan immoo nuti uummanni Oromoo,garaagarummaa amantii,ilaalcha siyaasaa,kutaafi gosa qabaannullee oromummaaf dursa kennuu qabna...jechoa itti fufa.Keeyyanni arfaffaan immoo namni of hin beekne nama du'een garaagarummaa hin qabu...jechoa ergaa dabarsa.Keeyyanni shanaffaanis kanaafuu ilmaan Oromoo warra eenyummaa ofii hin beekne,komachuufi jibbuu dhiisnee itti siqnee haa gorffannu , urgaa oromummaas itti haa urgeessinu...jechoa deema.Keeyyanni ja'affaan nuti wal malee eenyuunuu hin qabnu.Warri sobee nutti dhiyaatu waa nurraa barbaadaniiti malee nuuf dhimmanii miti...yaada jedhu qabatee jira.Dhumarratti keeyyanni torbaffaan ogbarruu Afaan Oromoo guddisuuf rakkooleefi duudhaalee Oromoo addunyaatti beeksisuufi dhaloota dhufuuf lafa kaa'uuf mee hundi keenya waan beeknu haa barreessinu.Waan wal tumsuu dandeenyuunis wal haatumsinu.Qubas wal haaqabaannu.Mammaaksa "Kan rafanii hin bulleef raftee bulti" jedha Ormoon...jechuun dhaamsa dabarsa.

Seensa jalatti yaada itti aanu qaba. Innis Oromoon jireenya hawaasumaafi seenaa isaa kan yeroo dheeraa keessatti waan baay'ee kuufatee ofirkaa qaba.Dhaloota har'aas waan hedduu dhaalchise.Isaan kanneen keessaa tokko walaloodha.Walaloon aartiidha.Ogummaa ittiin ergaa dheeraa karaa gabaabaafi dhoksaa yookiin harka wayyaa jalaatiin bashannansiisaafi gammachiisaa ittiin dabarsaniidha jechuun ibsa.Walaloon kitaabicha keessatti jiran baay'een isaanii haala jiruufi jireenya Oromoo kaleessaafi kan har'aa irraatti akka xiyyeeffatu ibsa.Haala ilmaan Oromoo har'a keessa jiran,rakkoo dhaloota har'aa, dhiibbaa ilmaan Oromoorra gahaa tureefi gahaa jiru, amantii Oromoo, fuulduree Oromoo, aadaa, duudhaa,Gadaafi safuu Oromoo hamma ta'e ibsuufi tuttuquuf yaala jechuu dha.

Dhumarratti walaloowwan kuusaa kitaabichaatti utuu hince'in afoola Oromoo eebbatti fayyadamuun gara walaloowwan isaatti darbe.Eebbichis kunoo akkas jedha:

Hayyee ! Hayyee! Hayyee!

Waaqa uumamaa, waaqa uumamaa,

Waaqa salgan Booranaa,

Waaqa sagaltama gabraa,

Waaqa torban Baarentumaa,

Waaqa ciicoo gurraattii,

Waaqa shanan Gadaa Oromoo,

Waaqa shanan Odaa Oromoo,

Waaqa caffee tumaa

Waaqa bokkuu gurraachaa .....

jedhee eebbifate walaloo achi keessaatti jiru lafa kaa'ee jira. Gara barruu dhumaatti waa'ee seenaa Finfinnee barruu hololoodhaan kan barreeffamee jiruun xumurame. Oromoon hunduu sirna kamiifuu yoo walga'uun dhimma barbaade bakka raawwatutti eebbaan jalqabaniitu eebbaan xumuru. Kun ammallee haaluma kanaan raawwatamaa jira. Eebba guula ykn hangafatu eebbisa; jamaan yookiin caqastoonni immoo jalaa qabu. Ittin waltajjiin banama; akkasumas, ittiin cufama. Eebbi milkii waan ta'eef safeeffannaa Oromoo keessatti kan hundee jabeeffatedha. Nuguseen (2009) barruu amantaa Daaniyaa (2006, f. 139) wabeeffachuun yoo ibsu eebba malee wanti hawaasa Oromoo biratti raawwatamu hin jiru. Eebba hawaasa keessatti gamtaan raawwatamu hangafa yookiin guulatu eebbisa. Kan maatii keessatti ta'uufis akkuma duudhaafi barbaachisummaa isaatti hangafa qe'ee sanaatu eebbisa. Haalli eebbi kun itti raawwatus aadaafi safuu hawaasaa eeguun kan adeemsifamudha. Oromoon xinnaan akka guddatuuf, wallaalaan akka beekuuf, beekaan akka buluuf, deessuun akka oofkaltuuf, ateeten akka qajeeltuuf, deegaan akka sooromuuf, akkasumas, sirna garaa garaa kan akka Gadaa, gaa' ilaa, waaqeffannaafi kkf keessatti ni eebbifata.

#### **4.1.2. Odeeffannoo Waliigala Walaloo Karramoo karaadha?**

Walaloo qorannoon kun irraatti geggeeffame kan lammataa immoo kuusaa walaloo *Karramoo karaadha?* bara 2013 Geetuu Dajaneetiin barreeffame. Fuulli ala kitaabichaa gara jalqabaa halluu gurraachaan kan uffifame ta'ee, karaa gubbaan mata-duree kitaabichaa fi maqaa barreessichaa qabatee jira. Akkasumas, suura urjii, ji'aafi karaa jalaa immoo daandii irratti mallattoo gaaffii kan qabu, bakka, ji'aafi bara maxxansaa qabatee jira. Karaa duuba qola ala kitaabichaatti suuraa

barreessichaafi yaada namootaa argina.Dhumarratti,maqaa barreessaa Geetuu Dajanee Abbabaafi gulaalaa Misgaanuu Gulummaa Irranaa jedhuutu argama.

Kuusaan walaloo kun qolli karaa alaa argamu akka armaan olitti ibsame yoo ta’u, itti aansee yaadannoo akkas jedhu qaba.“Kitaabni yaadumeen kun ilmaan Oromoo abjuu dhugaa abjootanii otoo hin argin hafan; akkasumas, osoo abdiin hin kutin har’as karaa sanarra jiraniif yaadannoo haa ta’u” barreeffama jedhu qaba.Kan biraan galata jalatti jalqaba Waaqa galateeffate. Itti dabaloon gulaalaafi namoota karaa garagaraa gumaacha godhaniif galata dhiyeessee, gara seensaatti ce’e.Seensi isaa keeyyata shaniin kan ijaarameedha.Keeyyanni jalqabaa addunyaan buburreedha;waan wal-fakkaatus, kan waliif faallaa hedduu horatteetti...jechuun jalqaba.Keeyyanni lammataa dhalli namaa utuma keessa jiruu wayis ni hubata; ni xiinxalas; ni mormas yookiin ni deeggara hubannoon namaa garaagara waan ta’eef akka ifetti bifa gara garaatiin dabarfata...jechaa deema.Keeyyanni sadaffaan immoo waan hubatan immoo mala ta’uun dabarsuun dirqama natti fakkaata anis kanumarraa ka’uudhaan waa jechuu barbaadee....gaaffiidhaan eegalee walaloo biraa Karamoo karaadha? ...gadi baase barruu jedhu arganna.Keeyyanni afraffaa immoo....goromsi tokko gaafa dhaltu jibicha yaakiin raada dhalti ta’a; jibicha gaarii kan qotu yookiin didaa,bayeessa yookiin waan biraa kan akka durii yookiin kan biraa, kan lammiin nyaatu yookiin kan lammii nyaatu ta’uu danda’a jechuun ibsuun keessa ergaa dabarse.Keeyyanni seensaa kan dhumaa immoo yaada kanaaf anis ulfa goromummaan ulfaa’ee baachaa turen ammaa gadi baasee gaaffilee duraaf immoo deebiin keessan kunootti kan jedhutu jira.Dhumarratti immoo guduunfaa lafa taa’ee jira jechuudha.

#### **4.2.Xiinxala Ergaawwan Walaloowwan Filatamanii**

Walaloowwan filataman ergaa dhimmoota garagaraa of keessaatti qabatanii akka jiran xiinxalamaniiru. Waa’ee walaloo beekuuf, wantoota walaloon of keessaatti qabatuufi ijaarama isaa xiinxalanii hubachuun, yaada waliigalaa walaloo bira gahuun ni dandaa’ama.Yaada kana kan cimsu akka armaan gadiitti dhiyaateera.Marsariitii <https://penandthepad.com/irrattiBarnes> fi Noble (2020,f.1) yaada Aristootil (384-322 BC) kaasuun jedhanitti, “ Aristotle proposes to study poetry by analyzing its constitutive parts and then drawing general conclusions” akka ta’e ibsani. Yaada kana irraa wanti hubatamu walaloo xiinxalanii hubachuuf qabiyyee walaloo; kan walaloon of keessatti hammatuufi akkaataa ijaarama isaa xiinxalanii dhimma waliigala walaloo

irra gahuun ni dandaa'ama. Kanaafuu dhimma walaloon of keessaa qabu keessa tokko ergaa waan ta'eef, qorannoon kun ergaa walaloowwan kitaabilee qorannoo kanaa xiinxaleera. Ergaan walaloowwan kunneenis kuusaa walaloo 'Bishaantu dheeboteefi Karramoo karaadha ?' jedhaman keessa jiran tokko tokkoon haala armaan gadiitiin dhiyaataniiru.

#### **4.2.1. Xiinxala Ergaawwan Walaloowwan FilatamanGama Siyaasaatiin**

##### **4.2.1.1. Mallattoo siyaasaa**

Alaabaan mallattoo siyaasaa biyyiifi sabni tokko ittiin beekamuudha. Walaloo mata-dureen isaa *Dhugumamoo...*? jedhu ergaa isaa xiinxalamee akka armaan gaditti dhiyaateera.

...

Ija kooti moo dhugamaa

Kanan hubadhu yoomumaa

Yoon laalu halluun lama

Tokko diimaa

Hafaan margumaa

....Geetuu (2013, fuula 29)

Akka buufata walaloo armaan ilirraa hubannutti hawwii bara dheeraa keessa isaa jiru arguuf yoo jarjaru argina. Itti aansuudhaan bo'oo 3ffaa, 4ffaafi 5ffaan immoo halluu yookiin qalama alaabichaa calaqqisiisaa jiraachuutu mul'ataa jira jechuudha. Kana jechuun halluu diimaafi halluu magariisaa kun alaabaa Oromoo (Adda Bilisummaa Oromoo) ta'uu ibsaa jira.

##### **4.2.1.2. Dhiibbaa Siyaasaa**

Karaa biraatiin siyaasni tokko qaama tokko fayyadee qaama biraa tokko miidhuu danda'a. Qaamni miidhame tokko immoo miidhaa siyaasichi bara sana keessa irraan ga'aa ture ibsachuuf wantoota adda addaan quuqqaa keessa isaa jiru ibsachuu danda'a. Isaan keessaa walaloon isa tokko ta'uu danda'a. Kanumaaf mee walaloo armaan gadiirraa haa ilaallu. Kunis mata duree *Dhukkuba Garaakoo* kan jedhurraa kan fudhatamee dha.

Dhukkuba garaa koo

Eentu naaf hubata

Maaltu naaf birmata

.....Eentu na dhagaha

Inumaa yoon hime,

Kuun uleen na dhaha

Kuun yoo naaf hubatu

Kuun dubbiin nadhaha

Kuun yoo naaf gumgumu

Kuun na reebuuf baha

....

Tarruu (2013,f.47)

Ergaa walaloo armaan olii *Dhukkuba garaakoo* kun quuqama karaa siyaasaa qaama biraan irra gahe agarsiisa malee dhuguma dhibee yookiin dhukkubaa garaa ibsa miti. Qaamni tokko siyaasaan miidhamee miidhama irra gaheef yoo himate kan isaaf dhimmu akka hin jirre agarsiisa. Kana jechuun faallaa furmaataa rakkoo biraa kan duraa caalu itti dhufuu agarsiisa. Fakkeenyaaf, bo'oo 3ffaa - 6ffaatti kan jiru *Maaltu naaf birmata,.....Eentu na dhagaha, Inumaa yoon hime, Kuun uleen nadhaha* kan jedhus kanuma ibsa. Bo'oo 8ffaafi 10ffaans rakkoo ofii yoo dubbatan dabalata miidhama biraa dhufa. Kunis isa "Cittoon irratti fanxoo" jedhaniin wal fakkaata. Kanumaan kan walfakkatu Geetuun walaloo isaa keessatti mata-duree *Godaannisa Sammuu* jedhu barreesse haala armaan gadiitiin ergaan isaa xiinxalameera.

....

Oolees gaafan bulu inuman yaadadha

Nakkeessatti cimee maalan irraan fadha

Ukkaamamee hin hafu gaaftokkon dubbadha

Yoon lubbuun jiraadhe bara darben jedha

...bara harki mirgaa isa bitaa reebe

Bara dhugaan bade sobni cimee goobe

Bara dhiigni dhiigasaatti dabe

....

Diina gammachiistee

Fira dallansiistee

Qooddee gargar filtee

Bakka bakka buustee....

Geetuu (2013, fuula.17)

Bo'oo walalaloo armaan olii 1ffaa-4ffaatti dhiibbaa siyaasni tokko namaatti fide yoomiyyuu akka madaa qubaa isa hin dagatamnetti ilaaluu dandeenya.Oolanii bulanii namatti dhagaa'ama.Waan kana ta'eef gaaftokko bakkeetti baasanii dubbachuun akka hin hafne argina. Bo'oo 5ffaafi 6ffaan immoo bara faallaa yookiin dalga namatti gale ibsa.Kanaafis *Bara harki mirgaa isa bitaa reebeefi dhiigni dhiigasaatti dabe* jechuun bara ollaan bitaa mirgaa walirratti ka'uufi bara lammiin lammii isaa dararuu fi ajjeesu ta'uu calaqqisiisa jechuu dha.Bo'oo 9ffaa hanga bo'oo11ffaa kan jirummoo soba dhugaan bakka buusuun fakkeessee, tokkummaa lammii diigee,gagar filuun tokko ol qabee tokkommoo gadi qabuun godaannisa hin irraanfatamne nama keessatti uumee darba ergaa jedhu dabarsa jechuudha.

Akka barreessaan walaloo karramoo karaadha?jedhu itti dabaluun gaditti haa ilaallu.Kunis haadhaan qabee miidhama siyaasi irraan geessise ibsuu yaaleera. Mata-duree *Booyicha harmee koojedhurraa fudhatame* akka itti aanutti dhiyaateera.

Booyicha harmeekoo ani yooman dagadhaa?  
Maaliin of jajjabeessee maaliin irraanfadhaa?  
Eenyutti himeen eenyuun mari'adhaa?  
Dagachuuf yoon jedhu garaan koo maal jedhaa?  
Harmeen ilmaan dhabdee hirqintetoo bootte  
Maalgoote harmeen koo deettee qullaatti hafte  
Ilmaan ishiitiif boonnaan dullaadhaan reebamte  
Tan hafte gorfannaan hidhaan adabamte  
Harmeen mala dhabde kanaaf dhiiga bootte

Geetuu (2013,fuula 31)

Akka yaada bo'oo walaloo lffaa hanga dhumaatti jiru yoo ilaallu, miidhamni siyaasni nama tokkorraan yookiin biyya tokkorraan gahu haadhaan qabee ibsee jira. Yoo mirga ofiitiif falmatan qooda deebii gaarii deebisuu hidhaafi reebichi namarra ga'uu argina. Yeroo qabeenyi biyyaa saamamee qullaatti hafuu. Harmeen yeroo isheen daa'imman isheef hirqateeti boossu. Cimina midhama isheerra ga'e ibsuuf arbeessuu fayyadamee akka waan isheen dhiiga boossu fakkeessee barreessichi hammina rakkoo siyaasichaa ibseera.

Yaaduma kana kan fakkaatu kanaa gadiitti *Gaaffii Qabna Turre* kan jedhu haa ilaallu.

....

Balaa nurra gaheef kan hin qabne beenyaa  
Gaaffii qabna turre eenyutti himanna?  
Kamtu nu dhagaha isa kam gaafanna?  
Maqaa nu harkaa bade eenyu jennee waamna?



Obsaan ta'uu dide egaa attam goona?

Waggaa dhibaa oliif gaaffii deebii dhabe

Abaabayyuu kaasnaan kan ormi afaan qabe

Akaakayyuun kaasnaan abbaan aangoo adabe

Aabbaan gaaffii kaasnaan rasaasaan kan darbe

Nutis gaaffii qabna kan deebisu dhibe

...Geetuu (2013, fuula 37)

Ergaan bo'oo lffaa hanga bo'oo isa dhuma walaloo armaan oliirraa kan hubatamu godaannisa siyaasni tokko namarraan ga'e sanaaf beenyaan kan hin laatamne; nama gaafatan kan hin qabne, yoo gafattes namni si dhagahu kan hinjrre ta'uu argina. Obsanii obsanii namarraa kan hin deebine waggoota hedduu kan fixee jaarraa lakkoofsise ta'uu hubanna. Wanta kanaaf fakkeenya gaarii kan ta'u tokko uummanni Oromoo jaarraa tokkoo oliif harka nafxanyaa jalatti kufuun afaan, aadaafi seenaan isaa ukkaamamee yeroo ture sana fakkaata. Kunis abaabayyuu irraa eegalee hanga dhaloota har'aatti kan darbee dhufe keessattuu, hanga yeroo dhiyoottiyyuu gaaffii mirgaa yeroo gaafatan rasaasaan daandii irratti dhumanii; dhiiga lolaasanii yeroo nama dararan ni jira yaada jedhu ibsa.

....

“Ijoo, ijoolle maalinni

Maaloo maaltaatanii

Dhugaan otoo jiruu sobaan waldhabdanii

Bofti isin seeneeraa maaf hin agartanii

Dura summii kutaa kana gochuu baannaan

Isin walii hingaltanii”

Jedheetoo guungumee manni akaakaa durii

Lafaa olka'anii rifatan jarri.... Geetuu (2013, fuula 39)

Barreessaan ergaa isaa akka itti aanuun dabarsuu isaa xiinxaluun ni dandaa'ama.Bo'oo 4ffaa-6ffaan dhiibaafi darara siyaasaa summii bofaatti fakkeessee hammina siyaasichaa ibse.Soba dhugaan golguun oliif gadi mimicciiranii saba gidduu seenuun yeroo faayyidaa dhuunfaa argachuuf carraaqan argee barreessichi yaadasaa walaloon dhaammate.

#### 4.2.1.3. Abdii

Fakkeenya kan biraa mata-duree *maaltu beeka* jedhurra akka armaan gaditti haa ilaallu.

Jennee jennee boonne

Iyyatas iyyanne

Deebii homaa dhabne

Ammas homaa hin dhisne

Nugaraa hin kutanne

Bara dabarsuudhaaf duudaa yoo fakkaannu

Baay'eetu dhalate kan yaadaan nu dhaanu

...

Geetuu (2013,f.34)

Dhiibbaa gama siyaasaan itti dhufe ibsuuuf kallattii furmaataa barbaacha yoo iyyatanis deebii waan hin arganneef jecha abdi kutachuun gaarii akka hintaane yaada jedhu ibsa.Bararakkoo dabarfachuuf namni akka waan wanta tokko dubbachuu hin hinbeekne duuda yoo fakkaatan kan hamilee namaa tuqus jiraachuu akka danda'u ergaa jedhu dabrsa. Siyaasni tokko yeroo garagaraa keessatti miidhama adda addaa namitti fiduu danda'a jechuudha.Kanaafuu,abdi kutuu hiqabnu.

#### 4.2.1.4. Qe'ee Ganamaa

Finfinneen Oromiyaaf handhuura, bakka siyaasaa fi seenaatis. Handhuurri kun duratti harka Oromoo keessa jiraachaa ture. Garuu, adeemsa keessa immoo harka alagaan qabamte. *Finfinnee* kan jedhurraa,

Finfinnee bareedduu handhuura Oromiyaa

Nujalaa owwaadhu sabnikee siif iyyaa

Maaf nu jalaa didda nubar warri biyyaa

Mee nadhaggeeffadhu waa'ee keen haasawaa....Tarruu(2013,f.83)

Walaloon armaan olii kun malleen dubbii keessaa ate fayyadamuun kan dhiyaate yoo ta'u, kunis immoo akka wanta Finfinneen isa dhaga'aa isa waliin dubbachaa jirtuutti waa'ee Finfinneefi kan eenyuu akka taate ibsu barbaade. Kanaafuu, Finfinneen Oromiyaaf wiirtuu bakka Oromoon hundeeffamte qe'ee Oromooti kan jedhu hubanna. Kan sabni Oromoo isheef iyyee, birmatu ta'ee harka isaa keessatti eeggatuudha. Dur Finfinneen maal fakkaatti fi amma immoo akkam gaaffii jedhuuf walaloo armaan gadiirraa ergaa isaa xiinxalameera.

...Finfinneen akka har'aa osoo hin babal'atin

Alagaan dhufeetoo osoo irra hinqubatin

Yaa bareedina ishee yaa miidhagina ishee

Bineensatu ciisa keessa bosona ishee

Danda'anii hin ilaalan magariisummaa ishee

Burqaan olfinfina wayyoo yaa bishaansaa

As irraa mogga'e Finfinnees maqaansaa

....

Onoota Finfinnee maqaa jijjiirani

Hurufa Boombiitiin Jaan Meedaa jedhanii

Caffee Araaraammoo kiiloo Ja'a godhanii

Dhummuugaa jijjiiruun Ginfillee jedhanii....Tarruu (2013,f.83-85)

Ergaan walaloo armaan olii kun dur Oromoon Fifinneen akka itti beeku nu barsiisa.kunis Ffinneen alagaan utuu hin qabamin bakka magariituu,da'oo bineensotaa,bakka burqaa bishaan olfinfinu ta'uu isaati.Kanumarraa ka'uun maqichi bareedaan ganama Oromoon moggaase *Fifinne* jedhame.Ergichi guddaan walaloo kanaas Ffinneen qe'ee Oromoo ta'uu,maqaa ganamaa *Fifinneefi kutaalee ishee* kan moggaaseef Oromoo ta'uu fi qabeenya Oromoo ta'uu dhaloota har'aa hubachiisa jechuudha.

#### **4.2.1.5. Bilisummaa**

Wantootni nama ukkaamsaniifi golgan,akkasumas, haalli suukaneessaan yoo darbee ifni namaaf dhufu keessii namaafi sammun bilisummaa gonfataa adeema. Ergaan mata-duree *Bari'e* jedhu akka itti aanuun xiinxalame jira.

Ifni ifee as qaari'ee

Turee turee ifni ba'ee

Gaariin dhufe tole je'ee

Aduun barii bahee ho'ee

...Geetuu (2013 fuula 6)

Akka bo'oowwan walaloo armaan oliitti ergaansaa hunduu bilisummaa bara dheeraaf eegamaa ture sun yeroo cabsee,dhoosee as bahe agarsiisuuf lafa taa'nii jiru. Kanaafuu,*Turee turee ifni ba'ee*...kan jedhus agarsiistuu bilisummaa kanaati.

### **4.3. Xiinxala Ergaawwan Walaloowwan Filataman Gama Hawaasaatiin**

Xiyyeeffannaan(amalli) xiinxala hawaasummaa jalqabarratti walitti dhufeenya ogummaafi hawaasa gidduu jiru qorachuudha.Adams(1971).Kanaafuu barreessitoonni waa'ee hawaasicha kalaqa isaaniin maal akka dabarsan akka itti aanuun dhiyaateera.

#### **4.3.1. Aadaa**

Aadaan tuuta dalagaalee, seerota,fi safuu garee hawasa yookiin lammii tokkoo adda baasee mul'isuudha.Amantaalee, duudhaalee, barmaatilee, ogummaafi beekumsa hawaasa tokkoo kan of keessatti qabatuudha.Oromoon aadaa isaa keessatti waan hedduu kuufatee jira.Kana keessaa tokko Oromoon amantii ganamaa qaba.Innis waaqeffannaadha.Akkuma beekamu amantiin waaqeffannaa amantii uummata Oromoo isa ganamaati.Walaloo mata dureen isaa armaan oliitti ka'e ergaan isaa xiinxalamee jira.

Dur yoo uumaan bullu waan keenya qabannee

Bulchiinsa Gadaatiin walitti gurmoofnee

Garaa qulqulluun waaqallee kadhannee

Ayyaanni Oromoo ati nutiksi jennee

Dirree Oromootiin sirriitti tumsamnee

Malkaa tulluu bahuun roobsinee caamsinee

Nagayaaf gammachuu tokkummaan ijaarrannee

Badhaadhina qabna qananii argannee

Akka duudhaa keenyaa malkaa irreeffannee

Waan arganne maraaf galata galchinee

Kan garafuulduraaf imaanaa bulfannee

Takkaa waan ambaa ofitti hin fudhanne

....

Tarruu (2013,f.57)

Akka ergaa walaloo armaan oliitti bo'oo 1ffaafi 2ffaa *Dur yoo uumaan bullu waan keenya qabannee ,Bulchiinsa Gadaatiin walitti gurmoofnee* yoo jedhu Oromoon dur akka ammaa kana utuu hintaane Bulchiinsa Gadaa jalatti uumaasaan bulee tokko ta'ee jiraate.Sirni Gadaa kun amantii waaqeffannaa of keessaa qaba.Bo'oo 6ffaa kaasee kan jirus kanuma mirkaneessa.Dur Ormoon garaa qulqulluudhaan uumaasaa afaaniifi yaada tokkoon, akkasumas, garaa qulqulluun malkaafi tulluurratti Waaqasaa kadhataa ture.Yoo roobni dhibe roobsee; yoo raabni cimu caamsee waan uumamaa tooratti galfatee badhaadhina horate.Garuu haalli akkasii waan laafee jiruuf barreessichi waan argee taajjabee jiru walaloon dhaammate. Wanta gara fuulduraaf itti dhufu immoo uumaatti kennataa ture.Haalli kun akka duraatti itti fufuuf sababoota addaaddaa irraa kan ka'e lafee malee itti hinfufne. Kanaafis Oromoon har'aa kun garagalee akka of ilaalu yookiin mil'atu barsiisuuf gargaara jechuudha.

Amantiin uummata Oromoo kun uumamuu uummata kanaarraa kaasee kan tureefi qabeenyaa uummatichaa isa guddaa Oromoon tifikatee har'aan gaheedha.Waa'een kanaa namoota hunda biratti maal fakkata?Gaaffilee kanaaf barreessaan walaloo armaan gadii ergaa akkamii qaba?Mata-duree *Abdii*...Akka armaan gadiitti xiinxalamee jira.

....

Safuufi duudha kale yaa baru lammiinii

Ittiin walhaabuchu badhaasa uumaanii

Barruunis haa taa'u dhala boru dhufanii.....

Amaantii ofiitiin yaa bareedu sabnii

Ergisaa fageenyaa maaf kadhaa dhaqanii

Keenyuma nuuf wayya hin dhoofnu waliinii

....

Tarruu (2013,f.41)

Akka ergaa toorawwan walaloo kanaa oliitti waan ofiitiin haa jiraannu kan jedhutu jira.Bo’oo 1ffa’an Oromoon amantii isaa ganamaatiin miidhaga, isatu irraa bareeda ,duudha isaa ganamaatti haa jiraatu yaada jedhu qaba. Bo’oon 2ffa’an immoo maaliif utuu qabanii ergisa namaa dhaqu wanti ergisaa namaarraa beekama; boris kan abbaa abaluuti malee kan isaanii miti nama jechisiisa yaada jedhu qaba jechuu ta’a.Bo’oo 3ffa’an immoo waliin makuun nu hinbaasu qulqulleeffachuu wayya yaada jedhu qaba. Amantii keenya isa jalqabaan haa bullu,ergifannee waliin hin maknu yaada jedhu of keessaa qaba. Garuu akka yeroo har’aatti namni kamuu amantii fedhe hordofuuf mirga qaba.Hanga har’aa ummata Oromoof amantiin gara garaa gufuu itti ta’ee hinbeeku.Ummata hunda amantii tokko jala galchuun hin yaadamu; hinfayyadus.Namni barreessaa kana dhagahu osoo jiraate fedhii isaa dubbisaarratti fe’uuf deema.

Amantiin Oromoo ganamaa kun sababa adda addaan laafuun ni mul’ata. Kunis dhiibbaa alagaan itti dhufe waan ta’eef barreessaan walaloo kanaa akka armaan gadiitti walaloon ergaa dabarse. Kanas mataduree *Keenyatu Abba Dhabe* jedhurra ilaalla.

....

Egduu safuu uumaa

Tiksituu uumamaa

Nageenya ilma namaa

Madda biliisuummaa

Madaallii uumamaa

Gaaddisa namummaa

Galma Oromummaa

Nuuf tiksi ati uumaa

....Tarruu (2013,f.34)

Akka yaada bo’oo walaloo armaan oliitti amaantiin ganamaa Oromoo kan safuu uumaa qabu, kan eegduu uumamaa taate, nageenyiifi burqaa biliisummaa kan irraa burquudha.Akkasumas

amaantiin kun madaala uumamaa ta'uu; akka dibaabeetti kan nama tajaajilu; masaraa(galma) Oromoo waan ta'eef Waaqni Oromoo akka bira nuuf dhaabatu ergaa jedhu dabarsa. Kanaafuu, gara bo'oo xumuraatti sababa addaddaatiin waa'een isaa laafuu arguun uumaan akka tiksu bakka isaa ganamaatti akka deebi'u qabu erga jedhu qabaatee jira.

Yaaduma armaan olii kana kan gabbisu Asaffa (2010, f.14) yoo ilaallu, Oromoon hawaasaafi addunyaa kana haala kamiin ilaala kan jedhuuf akka armaan gadiitti bal'inaan dhiyaateera.

Oromoon akkuma uummata addunyaa beekumsi duubee eenyummaan isaa ittiin ifu qaba. Isaan kunneenis hariiroo inni uumama biroo waliin qabuufi jiraachuu uumaa waan hundaa kan hariiroo uumama biroofi hawaasaa jiraachisuun eeguuti. Akkasumas hariiroo hawaasummaa haala garaariin tolfachuun jireenya waliiniifi hawaasummaa haala fedhii hawaasa isaa mara guutuun waliin jiraachuu kan beekuufi kalaqeedha. Itti fufuunis namni kamiyyuu seera waaqaafi seera aadaa baree nagaan hawaasa keessa akka jiraatu beekumsi duubee uummatichaa akka akeeku ni'eera. Kan biraan, "Oromoon maqaa Waaqa irraa maddeen, " Waaqeffannaa" kan jedhu Oromummaa isaa keessatti bu'uuree Waaqa isa uume amanuu, sagaduu, kadhachuu, galateeffachuu isaa itti fufee jira" jechuun Nuguseen (2009) Geetaachoo (2011, f.51) wabeeffachuun ibse. Akkuma yaada kanarraa hubatamu amantiin saba Oromoo inni ganamaafi addunyaan ittiin beeku Waaqeffannaadha. Waaqeffannaan ganamaa akkataa uumaafi uummamaa ittiin ilaalu, ilaalchaafi safuu mataa isaa qaba. Waaqeffannaan ganama kunis guutuufi kan safuufi safeeffannaa uummatichi waaqa isaaf qabu kan ibsu yoo ta'u kan ittiin uumaa isaas kabajee uumama biroos ittiin safeeffataa ture ta'uun ifaadha.

Amantiin ganamaa Oromoon qabu kun daandii qulqullummaa fi kan Waaqatti geessuufi dhugaa kan ta'eedha. Mata-duree *Labata Harsadii* jedhu keessaa kan fudhatme ergaan isaa yoo xiinxalamu,

...

Daandiin deemnu qulqullu

Kan waaqatti nu geessu

Abdiin keenya mullina



Kan haqa jajjabeessu.

.... Tarruu (2013,f,37)

Akka walaloo kanaatti karaan amantichaa qajeelaa, qulqulluu kan ta'eefi karaa Uumaatti deemu ta'uu isaa barsiisa. Akkasumas abdiin keenya ifaadha dhokataa miti yaada jedhu fi kan soba hin deggerre dhugaa malee. Ilaalchi namoonni amaantiichaf qaban tokko miti waan ta'eef garuu amantichi karaa qulqullummaa,karaa waaqaa fi karaa haqaa ta'uu ergaa dabarsa.Gama biraatiin warri amaantoota waaqeffataa kana sarbanii dararan ni mul'atu.Kanaafuu,barreessaan waa'ee kana wanta jedhu qaba.Mata duree *Mirga Amantii dhabne* jedhurra akka itti aanutti ilaalame jira.

Mirga amantii dhabne kan warri waaqeffannaa

Bara Minilik qawweedhaan dhowwamnee

....hafne irreenfannaa

Fedhii keenya malee kaane kiristinnaa

Warri kanas didne seennee Isliminnaa .... Tarruu (2013,f,59)

Akka walaloo armaan olitti amaantoonni Waaqeffataa ta'an yeroo qaama mootummaa darbaniin dhiibamaa jibbamaa itti turan hubanna.Keessattuu bo'oo3ffaafi 4ffaaf hordoftoonni isaa akka duraatti yeroo waaqeffachuu dhaban, yeroo mirgi isaanii dhiitamu argina.Sababni isaas amantii alaa gara biyya seeneen akka dirqamaan waaqessan ta'uu isaati.Walumaagalatti,mootolee biyyatti bulchaa turan dhiibbaa cimaa hordoftootaafi amaanticharraan ga'aa turuu isaanii dhaloonni har'aa akka hubatu ergaa dabarsa.Kanaan kan kan wal fakkaatu Irreeffachuun yeroo dhowwame ibsuuf barreessichi waan itti dhagaa'ame haala itti aanuun ergaa dabarsuu isaa akka armaan gadiitti xiinxalamee jira.

Seera hin cabsine balleessaa hin dalagne

Wanta orma hin tuqne dirree orma hin daqne

Amantuma teenyaaf wal qabannee baane

Harki keenya irreecha malee qawwee hin qabanne

..... Tarruu (2013,f.65)

Akka bo’oowwan walaloo armaan olitti, qajeelfama tokkolee hin dabsine wanta yaakkine hin qabnu; amantii namaa hin tuqne; kan keenyaan biyyuma keenyatti, lafa keenya irratti Uumaa ulfeesine; manaa kan baaneefis dhimma biraatiif miti amantii keenya kabajuuf nuti marga qabannee Uumaa galatteeffachuu baane malee dirree lolaatti meeshaa waraanaa qabannee deemne miti ergaa jedhu dabarsa. Waaqeffattoonni yeroo irreeffachuu deeman marga malee waan biraa hin qaban garuu akka isaan waan nama balleessu qabatanitti ilaalamuun sarbamuu hubachisa.

Amaantii waqeffannaa keessatti waaqeffataan maali? Kan akkamiiti? Mata duree waaqeffataa jidhuurra yoo ilaallu,

Safuu waaqaa eegee uumaasaa kadhata.

Dhugaa hojjechuudhaan waaqa mararfata

Akka duudhaa isaa malkaa irreeffata

Eebba angafaatiin hunda qajeelfata

Ayyaantummaa isaatiin daandii sirreeffata

Araaraafi nageenya waaqarraa eeggata.

....Tarruu (2013,f.65).

Egaa walaloo armaan olii hundi jechuunis bo’oo lffaa hang bo’oo isa dhumaatti kan jiran jechoota adda addaan waaqeffataa calaqqisiisu. Kana jechuun waaqeffataan kan safuu waaqaa beekuu, kan dhugaa hojjetu, kan eebbifatu, araaraafi nageenya waaqarraa kan argatuudha. Kanas jechoota gurra namaatti tolaniin ergaa dabarsuu barreessichaa argina.

Yaadni biraan toora walaloo mata duree *Nusiraa Dhalanne* jedhurraa fudhatame akka itti aanu kanatti dhiyaateera.

Keenyatu abbaa dhabe lammiin irraa maqee

Yaada ofii naannessuun alagaatti hiiqee

Amantii osoo qabuu kan ormaatti dhaqee

Waan ofii gadqabuun, kan ormaa olqabee

....

Oromoon koo garuu kansaa maaftuffataa?

Orma waliin ta'uun waansaa maaf lagataa?

Guddina amantiisaa dura maaf dhaabataa?

... Tarruu (2013,f.48)

Egaa ergaan walaloo kanaa dhaamsi isaa yoo xiixalamu,bo'oo lffaa hanga bo'oo dhumaatti kan jiran hundi Oromoon waan isaa kunuunfachuufi guddifachuu akka qabu walaloon miidheksamee ergaa isaa dhiyaate.Egaa Sangaa abbaan gaafa cabse ormi ija jaamsa akkuma jedhamu yoo nuti waan ofii,amantii ofiifi dhuudha keenyaaf hin dhimminu yoo ta'e alagaaf karaa taana waan ta'eef ofitti deebi'anii of ilaaluun barbaachisaadha jechuudha.

Dhimmi walaloo armaan gadii kun gaabbii uummata Oromoo ilaala.Kunis gaabbii waan durii dhabuu fi guutumaa guutuutti bakka hundatti hojiirra akka durii hojiirra oolfachuu dhabuudha.Kunis waan Orom-duriin ittiin ofbulchaa ture Sirni Gadaa dhaloota har'aa biratti akka duraa sana miti.Mata-duree *Dur* jedhu keessaa kan fudhatame,

Dur yoo uumaan bullu waan keenya qabanee

Bulchiinsa Gadaatiin walitti gurmoofnee

Garaa qulqulluun waaqallee kadhanee

Ayyaanni Oromoo ati nutiksi jennee

Dirree Oromootiin sirriitti tumsamnee.... Tarruu (2013, f.57)

Kunis kan agarsiisu aadaa hawaasa Oromoo keessaa Gadaan sirna ittiin bulmaataa ta'uufi uummatichi bocee ittiin jiraataa har'a ga'e ta'uu nu yaadachiisa. Waaqeffannaan falaasama guddaa uummanni Oromoo akka addunyaa kanaatti kalaqee ittiin beekamu keessaa isa tokko. Beekamtummaan uummatichaa kallattii sirna bulchiinsa Gadaafi Waaqeffannaatiin addunyaa kanarratti mul'achuun immoo guddinaafi bilchina siyaasaas ni dabalata.

Oromoon haadhaatti hinqoosan jedha. Haati kabajamtuudha. Haati ofii waan baay'ee namaaf oolti. Jaalalli isheen dhala isheef qabdus wanta himamee dhumu miti. Garraamii, gara laafettiidhas. Garaatti, dugdatti nama baatti. Ofii beeloftee, kan ishee immoo quubsiti. Ofii huqqattee dhala ishee immoo furdisti. Yoon maal jedhe waa'ee haadhaa himee fixa? Haati keenya nuuf akka jiraattun hawwa. Ergaan walaloo mata-duree *Deessuu Maseente* jedhurraa akka itti aanuun xiinxalamee jira. Innis waa'ee haadhaa hamma tokko calaqqisiisa.

Ji'a sagal guutuu garaatti baadhattee

Hafamoo hin hafuu jetteetoo yaaddoftee

Lubbuu isheef keessa isheef qofaatti dhiphattee

Ciiniinsuu cingiidhaa ofumaan agartee

Guyyaan geettee hin ooltu dhala gadi dhaltee

Ija keessa ilaalaa wajjiniin raafamtee

Garaa dhalaa sanaa ilmoo ishee dhungattee

Ilmoo ishee guddisuuf walumaan raafamte.

.... Geetuu (2013, fuula 8)

Akka bo'owwan walaloo armaan oliitti ergaa isaa yoo ilaallu haati tokko jaalala ilmoo isheef qabduuf yoo garaatti baattu hanga deessee harkatti baattee, guddifatutti ilmoo isheef ni dhiphatti ni muddamtis. Haati ilmoo isheef waan gaggaarii gochuuf laga isheen hin ceene; gaara isheen hin qaxxaamurre hin jiru. Kanaafuu, haati kabajamu, kunuunfamuu qabdi yaada jedhu dabarsa. Mee

kanaa gaditti walaloo jaalala haadhaa calaqqisiisu *Boo'icha Harmee Koo* kan biroo xiinxalame haa ilaallu.

.....

Barri illee darbe kan hin dagatamne

Didee narra yaa'a turee imimmaan harmee

Hubattee ilaaltee

Bara itti gaddite

Safuu baraa jettee

Koomee isheerra teetee

Garaa dhalaa martee

Sabbataan hidhattee..... Geetuu (2013, fuula 31)

Akka ergaa bo'oo 1ffaafi 2ffaa walaloo armaan oliirra hubannutti yeroon isaa turuyyuu gochiifi harki haadhaa kan namitti yaadatamu ta'uu ibsa.Bo'oo 3ffaa hanga bo'oo isa dhumaatti yoo ilaallu haati tokko barri yoo namatti hammaatu garaa ishee martee; mudhii ishee sabbataan hidhattee, utuu abdiin hin kutin dhala ishee uumaatti kennatti.

Oromoon dhugaa jaallata.Dhugaan yoomiyyuu haqa.Sobaan walhinfakkaatu.Yeroo tokko tokko dhugaa dhoksuuf yaalu malee dhugaan qallatus hin citus; hin badus. Bara kamittuu dhugaan ce'ee kan jiraatuudha.Dhugaa ilaalchisee Nuguseen (2009, f.41) yaada Geetaachoo (2011) wabeeffachuun yoo ibsu,

Dhugaa jechuun waan ijaan argan,gurraan dhaga'an tokko otoo hin dhoksiin, hin jallisiin, hin dabsiin, himanii mirkaneessuu jechuudha. "Dhugaan ni qallatti malee hincittu," jedha Oromoon innaa dhugaaf falmu. Waaqni immoo iddoo dhugaan jiru waan jiruuf dhuma irratti namtichadhugaaf dhaabate sanaaf injifannoo goonfachiisa jedhee amana.

Kanarraas kan hubannu dhugaan, uummata Oromoo biratti hangam akka bakka qabu nu hubachiisa.Hawaasa Oromoo biratti dhugaafi waaqni akka hidhata qabaniitti ilaalama.

Dhugaan kan waaqaati jedhu. Iddoo dhugaan jiru waaqni jira. Walaloo mata-dureen *Dhugaa* jedhu akka armaan gadiitti xiinxalameera.

Yoomiyyuu kan hin badne ,qallatus hincitne  
Sobaan yoo golgomtes, kan dhokatee hin hafne

Yeroon itti darbus, kan hin dagatamne

Beekaa sidhoksanis, kan dhokatee hin hafne

Dhugaa ati moo'i nu suma abdanne.... Tarruu (2013, fuula 14)

Ergaan bo'owwan walaloo armaan olii kun dhugaan maal akka ta'e nama barsiisa. Kana jechuun dhugaan sobaan golgamee kan hin banne; soba mo'ee kan jiraatu; karaa qajeelinaa ta'uu dhaloota barsiisa. Kanas bo'oo 1ffaa, 2ffaafi 3ffaa irraa xiinxalamee jira. Bo'oo 4ffaafi bo'oo 5ffaan dhugaan hin dhokatu, namni hundi waa'ee dhugaa beekuun dhugaan bulee dhugaan haa bulchu ergaa jedhu dabarsa. Kanaafis, Oromoon "Dhugaan ilma waaqaati" jedha. Dhugaan Oromoo biratti kabaja; namni dhugaa dubbatuufi barbaadus kabajamaadha.

Dhugaas qabna jennee yoo callisnee teenye

Sobni dhugaa hin mootuuf yoo callisnee rafne

Soba osoo arginuu yoo bira darbine

Daba osoo ilaalluu yoo afaan qabanne

Nutuu sirrii miti dhugaaf hin dhaabbanne.... Tarruu (2013, fuula 15)

Dhaamsa bo'oo 1ffaafi hanga isa dhumaa walaloo armaan olii irraa kan hubannu dhugaan jira yookiin qabna jedhanii taa'uun gatii hin qabu waan ta'eef, dhugaaf falmuufi dhugaan falmachuun gaarummaa akka qabu hubachiisa. Sobaafi sobduu saaxiluu akka qabnu barsiisa. Wanta dhara ta'eefi daba of keessaa qabu irratti qabsaa'uun barbaachisaa ta'uu isaas argina. Fakkeenya dabalataa xiinxalame jiru armaan gaditti haa ilaallu.

....

Akkuma kaleessaa

Akkuma dheengaddaa

Nuti agarsiisi milkii addaddaa

Hamtuu gadi darbi

Toltuu ol deebisi

Tolakee horadhu

Ilmaan kee eebbisi

Lalisii mul'adhu.... Tarruu (2013, fuula 53)

Akka bo'ooqwan walaloo oliitti dhugaan kaleessa turte sun har'as dhugaadha waan ta'eef fuuldurattillee dhaloota boriif milkii gaarii nuuf ta'i, nu milkeessi yaada jedhu qaba. Akkasumas bakka dhugaan jiru hammeenya olka'ee hin mul'atu; bakka dhugaan jiru qajeelinni dagaagee calaqqisa. Lammiin dhugaa qabu, dhugaaf falmata. Kanaafuu yaa dhugaa nuuf toli; nutiksi kan jedhu dhaamsa walalichaati.

Oromoon hayyuu qaba. Hayyuun yookiin beekaan hawaasa tokkoof jiraachuun akka utubaatti tajaajiluu danda'a. Karaa irrattis dhaloota qajeelchee eeguufi bulchuu danda'a. Mata-duree *Hayyuun Waaqa Kadhu* armaan gadiitti dhiyaate haa ilaallu.

Maloo barri bade haalli jijjiiramee

Otoo guyyaa deemnu aduunurraa dhaamee

Margatu abaaramee

Dhagaatu eebbifamee

Soba jaallatame

Dhagaatu jibbame

Hayyuu Waaqa kadhu

## Haalli wallalame

.....Geetuu (2013 fuula 15)

Akka walaloo armaan oliitti haalli ture jijjiiramuun manca'uu agarsiisu. Utuma waan ifa keessa deddeebi'an fakkaatuu garuu haala suukaneessaafi dukkanaa golgamantu jira yaada jedhu of keessaa qaba. Bo'oo 3ffaa hanga bo'oo 6ffaatti kan jiran immoo faallaa wanta gaggaarii kan ta'an faarfamuufi jaallatamuu jalqabe. Wanti tolaan yeroo itti abaaramee faallaa isaammoo wanti gadheen yeroo itti eebbifame jira waan ta'eef hayyuudhaan ba'aa kana nurratti hin dhiisin ergaa jedhu dabarsa. Kanaafuu, hayyuun akka furmaataatti barbaadama. Hayyuun namoota ayyaana waaqaan guutamani kennaa dubbiifi iccitii Waaqaa ibsuuf dubbachuu danda'anidha. Akkasumas, namoota waa beekoo (raagdota) akka ta'an Nuguseen (2009) barruu amantaa Daaniyaa (2006) wabeeffachuun ibseer a.

Oromoon saba guddaa hortee Kuush kan ofta'ee jiraatuudha. Ofiifi eenyummaa saba ofii ibsachuun; sabboonummaa ofii agarsiisuun gaarummaa malee hammeenya wayituu hin qabu. Mata-duree walaloo '*Baguman Kee Ta'e*' kan jedhu xiinxalamee kanaa gaditti dhiyaatee jira.

Baguman kee ta'e

Baguman of ta'es

Ofitti hin qana'u ati naboonsita

Waan dhabde hin qabdu ati nakoorsita

.....Tarruu (2013, f. 81)

Akka walaloo armaan oliitti, cabsanni isaa waa'ee sabboonummaa, ofta'uufi ofibsuu agarsiisa. Eenyummaa ofiifi saba ofiin boonu malee ofitti qaana'uu barbaachisaa akka hin taane ergaa jedhu dabarsa.

Oromoon hiriyaan kafana ofiiti jedha. Kunis hiriyaan kan namatti aantu ta'uu isaati. Jaalalli hiriyyaa sissi'eessituufi mi'eessituu jireenyaati. Riqacha jireenyaatis jechuun ni dandaa'ma. Jaalalli bakka jirutti nageenyatu jira waan ta'eef jaalalaan haa jiraannu. Mata-duree *Jaalatoo* jedhu ergaansaa akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.



.....

Afuura lubbuukoo

Qilleensa sonbatoo

Qabbaneessituutoo

Itittuu lapheekoo

Sinjaalla jaalato

Ati naaf uumamte

Ani siif uumame

Walumaaf nu uume

Sin jaalladha yoomuu

Namaan sinjijjiiruu

...Tarruu (2013, f.82)

Buufanni yookiin cabsanni walaloo armaan olii kun jaalallee wanta itti fakkeessee ibse yoo ilaallu, wantoota jireenya namaaf barbachisan adda addaa barbaadee maqaa dhahuun jaalallee bakka buusuu yaala. Fakkeenyaaf, qilleensafi itittuun qaama namaaf hammam akka barbaachisoo ta'an hubachuun jaalallee yookiin hiriyyaan hammam nama tokkoof akka barbaachisu gaarummaa jaalala hiriyyummaa barsiisa. Akkasumas, jaalalleen waliif ta'anii; waliif akka bulan; bu'aa-bahii jireenyaan akka wal-hinbuusne walumaaf akka jiraachuu qaban ergaa dabarsa.

Matadureen biraa hiriyyummaa calaqqisuusu '*Waa'ee Kee Yoon Yaadu*' jedhu akka armaan gadii kanatti xiinxalamee jira.

Irra deddeebi'ee

Yeroon taa'ee yaadu

Waa'een kee nadhiba

Ibsuullee barbaadu

.....

Situ natti tola

Nama hunda keessaa

Tolmaata kan keetu

Garaa nalaaffisa

Ijjannoo kan keetu

Ana gammachiisa

An siin adda bahuu

Hin barbaadu tasa.

...Tarruu (2013, f. 62)

Buufanni walaloo armaan olii kun waa'een hiriyyaa yoo dhiisanis kan nama hin dhiifne ta'uu agarsiisa. Ibsuullee yoo yaadan jechi nama hanqachuu, akkasumas jaalallee yookiin hiriyyaa dhugaan tokko gochiifi amalli innii yookiin isheen irraa mul'atu kan bilchina qabu ta'uu akka qabu ergaa namaaf dabarsa.s

Hariiroon walitti dhufeenya, walta'uu, tokkummaa wanta tokkoofi saba tokkoo agarsiisa. Tokkummaan yoo jiraate hawaasni gaddaafi gammachuus waliin hirmaatu, waliif birmata, diina ofii waliin qolatu, icciitii ofii walitti himachuun hiikkatu. Mee ergaa walaloo tokkummaa hawaasummaa ibsu mata duree *Tokkummaa* jedhu jalaa kan fudhatame akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Yoo gaddaafi gammachuu walbira dhaabbachuu

Tokko yoo miidhame walitti birmachuu

Diinnis yoo dhufe walumaan qolachuu

....

Icciitii saba ofii alagaa dhoksachuu

Eenyummaa ofiitiin wajjiniin jiraachuu

Ani akkanaa beeka hiika tokkummaadhaa

Saba koo Oromoo tokkummaa qabaadhaa....

Qunceen walgargaartee arba hiiti jedhama

Walbira dhaabbannaan tokkummaati argama

Walgurguruu dhiisnee

....Tarruu (2013,f. 33)

Sabni tokkummaa hawaasummaa qabu diinni icciitii isaa beekke isaan bittimsuu hin danda’u. Tokkummaan yoo jiraate hawaasni eenyummaa isaa kabachisiifatee cimsatee jiraata. Kanaafis fakkeenya kan ta’u bo’oo 5ffaa walaloo armaan olii kan *Eenyummaa ofiitiin wajjiniin jiraachuu* ilaalluu dandeenya. Hawaasni tokkummaa qabu wal-utubee, wal-tumsee wanta ulfaataa ta’e qabee injifachuu danda’a ergaa jedhu barreessichi Oromoof dabarsa. Bo’oo 8ffaanis tokko ta’uun barbaachisaa ta,uu barsiisa. Tuuftaa walalootti fayyadamuun ergaa dabarsan keessaa mammaaksa *Qunceen walgargaartee arba hiiti* jedhu fayyadamee ergaa dabarfate jechuudha.

Kanumatti dabaluun mee walaloo biraa *Nu Gargar Hin Baanu* jedhu haa ilaallu.

Nugargar hinbaanu, adda hinfacaanu

Dhiigni keenya tokko, walbira hin hafnu ....

Biyyi keenya Oromiyaa kan keessa jiraannu

Qabeenya qabna kadhaa ganda hin dhaqnu

Tokkummaadha dhabne ishees haa qabaannu

....

Warri olla keenyaa...

Gargar nubaasuudhaaf hedduu carraaqanii

Waraanaanis ta'u nutti as madaqanii

Kaan achi dhiibuudhaan kaan ofiitti qabanii

Amantiin nuqooduuf hedduu dhama'anii

Gosaafi kutaan nuqooduu yaalanii.... Tarruu (2013, fuula 25)

Ergaan toorawwan walaloo armaan oliirraa hubannu bakka tokkummaan hin jirretti sabni tokko yaadnisaa gargar ta'uun faffaca'a. Dhiigaan tokko yoo ta'ellee, hawaasni hin tokkummoofne dhiiga isaa lakkaa'uun faayidaa isa dhabsiisa jechuudha. Tokkummaan sabaa kan waraanaan baduufi diigamu ta'uu hin qabu. Tokkummaan sabaa kan amantii, fi gosa lakkaa'uun badu miti. Kanaafuu ergaan cimaan walaloo armaan olii tokkummaan sabaa humna yeroo hundumaa jabaatee dhaabbatu ta'uu hubachiisa. Kanumatti dabaluun walaloo *Tokmmaa* jedhu haa ilaallu.

Tokkummaa! tokkummaa bu'uura waan hundaa

Nageenyiifi jaalalli hunduu si'irraa maddaa

Guddinniifi misoomni siwalii bareeda

Sin hinarganee malee Oromoon siyaada

.... Tarruu (2013, fuula 32)

Ergaan toorawwan walaloo armaan olii kun akka armaan gaditti dhiyaate. Bo'oo lffaa irraa kaasee kan jiru tokkummaan bu'uura nageenyaa, jaalalaa, guddinaafi misoomaa waan ta'eef sabni Oromoo tokkummaa isaa akka jabeessee eeggatu akeekkachiisa. Sabni tokkummaa hin qabne akkuma bishaan gabateerraa gara argetti jal'ata jechuudha. Sabni tokkoome waan dhabe hin qabu. Sabni tokko hin taane immoo faallaa isaa waan abuyyuu ni dhaba yaada jedhu qaba.

Kanumatti dabaluu ergaa walaloo armaan gadii haa xiinxallu. Innis waa'ee tokkummaa kan calaqqisiisuudha. Kunis mataduree *'Maal jirra hin jirru'* jedhu jalaa kan fudhatameedha.

....

Ofumaa of sobnee  
Baay'ina osoo qabnuu  
Warra xiqqoo hanqanee  
Falmachuu osoo dandeenyuu  
Walii galtee dhabnee  
Waan keenya tuffanee  
Orma jala kaanee...  
Akka bishaan ciisaa  
Dhaabbachuu dadhabnee  
Tokkummaawuu dhabnee  
Faffacaanee hafne.

.... Tarruu (2013, fuula 31)

Dhaamsi walaloo armaan olii akka itti aanutti haa ilaallu. Sabni Oromoo saba bal'aa hortee kuush keessaa isa baay'eefi isa guddaadha. Garuu akka isaa ganamaa yaadan tokkummaa'uun waltumsee hin jiru. Bo'oo 5ffaafi bo'oo 10ffaas yoo ilaallu kanuma dhugaa baha. Kanaaf baay'atuyyuu hamma saba xiqqoo tokkoo gahuu dadhabuu fakkaatee yeroo itti mul'atu argina. Sababnisaas waliigaltee fi tokkummaa dhabuun diina isaa dura dhaabbachuu dhabuu, orma jala kaachuu, adda adda faffaca'uun diinasaaf karaa saaquu, lagan, gosaan wal qoqqoodduun harka alagaatti kufuun yeroo saaxilamu waan argamuuf tokkummaasaa ganamaatti akka deebi'u barsiisa jechuu dha.

Odaan mallattoo Oromooti.Odaan Oromoof waan baay'eedha.Odaan bakka heeraa fi safuuti.Mee waa'ee Odaa barreessaan walaloo gadii maaljedha?Ergaansaas maal?

Odaa nuuf dhageessaa gurra nuuf ergistaa

Nutoo sidagannee dhiifama nuufgootaa

Gaaddisa Oromootaa teessoo maanguddootaa

Iddoo safuufi heeraa bakka seeraaf dhugaa....

Taruu (2013,fuula 44)

Ergaa walaloo armaan olii kun afoola Oromoo keessaa *atee* fayyadamuun akka waan odaan isa waliin dubbataa jirutti dhiyaate.Oromoo hunda ta'uu baatus iddoo tokko tokkotti namni waa'ee odaaf iddoo kennuu waan dagate fakkaata.Garuu bo'oo 3ffaafi 4ffaa yoo ilaallu,Odaan Oromoof galma;mallattoodhas.Akkasumas bakka dhugaa, heeraafi seerati.Kanaaf waa'ee isaa haabeeknu, haa qorannu ergaa jedhu arganna.Itti fufuunis,

Seera abbootii keenyaa qabdeetuma jirta

Faajjii Oromootaa kan taate nuuf asxaa

Galma uumaa Waaqaa gamoo baraa caaltaa

Dhugaan siwaamnaa nu jalaa owwaattaa

Gadaa keenya ulfoo bakka jiruu kaastaa

Tokkummaa Oromoo bakkatti deebistaa

Duudhaafi amantii bakka jiruu kaastaa

Mallattoo Oromoo yoomuu ni jiraattaa

..... Tarruu (2013, fuula 44)

Ergaa walaloo armaan olii kana yoo xiinxalamee ilaalamu,Odaan egaa bakka galma Oromoon Gadaa isaa itti tumatufi itti jabeeffatu.Akkasumas,Odaan bakka waa'eeduudhaalee isaa itti mari'atu, heeraafi seera isaa jalatti tumatu muka seenaa guddaa qabu ta'uu ibsa.

Oromoon afoola isaatiin waa'ee gamnummaa dhala isaa barsiisa.Gamnummaan haala jiruufi jireenyaa kam keessattuu baay'ee barbaachisaadha.Yoo hojjenu, yoo dubbannu,yoo sochii kamiyyuu raawwannu gamnoomuun gaariidha.Balaa nutti dhufuu danda'u jalaa bahuufis baay'ee nu barbaachisa.Namni gamni waan darbe,waan keessa jiruufi wanta dhufuu danda'u tokko bareechee beeka.Walaloo armaan gadiirraa ergaa waa'ee gabnummaan jiru akka itti aanuun xiixalameera.Mata-duree *Waraabessa Gamna* jedhurraati.

Bara durii jedhan....

Qotiyyoonni sadii waliin jiraatanii

Gurraacha, burreefi adiidha halluun bifa isaanii

Walirratti du'u, tokkummaan jiraatu hundi isaanii

Waraabessi turee...

Nyaachuu kan barbaadu hunduma isaanii

Mala maleetu nifiroomna jedheen,

Tole jedhanii sangoonni sadanuu

Dubbiin waaruu dhugaadha yoo akka isaanii

Waan isaaniif qophaa'e quba hinqabanii

..... Tarruu (2013, fuula 69)

Kunis wanti nuyi jireenya keenya guutuu raawwannu gamnummaan yookiin abshaalummaan kan hin raawwatamne yoo ta'e faayidaa isaarra miidhaan namarraa qaqqabsiisu salphaa akka hin taane hubachiisa.Kana jechuun diinni yeroo saba tokko garboonfachuuf karoofatu waan sabicha fayyaadu fakkeessuun gara boodaatti sanyii caaccabsee alanfachuun daakuu godhee isa balleessa

waanta'eef, dhaloonni har'aa kun goowwoomuu akka hin qabne ergaa cimaa dabarsa jechuudha. Ergaa walaloo armaan olii kun afoola Oromoo keessaa sheekkootti fayyadamuun darbe. Tasfaayee (2009,f.19) yaada Zerihun (2000) wabeeffachuun yaada kana yoo cimsu, "...yeroo baayyee bineensonni amala namaa gonfatanii akka namaa yeroo dubbatan ,nyaatan, dhugan, gaddan, wallolan, wal jaalatan, haala waliigalteen gocha namaa dalagaan akka mul'atan ibseera." Walaloo keessatti gocha dhalli namaa walirratti raawwatu kallatiin himuurra Sheekkoodhaan bakka buusuun kan seeneffamu ta'uu agarsiisa.

Oromoon yoo mammaaku 'Jarjaraan waraabessaa gaafa ciniina', 'Jarjaraan re'ee hin horu' akkuma jedhu, wanta tokkotti ariifachuun booda rakkoo qabaachuu danda'a. Suuta xiinxalanii tooftaan hubachuun irra gahuun ni dandaa'ama. Ergaa mata-duree '*Yaa aduu otoo hinlixin*' jedhu asii gaditti xiinxalamee jira.

Barii obboroo kaatee

Ifa laaftuu baaftee

Lubbuu gammachiistee

Naannoftee naannoftee

Agartuu kee baastee

Waa mara daawwattee

Suuta suuta jettaa

Haala kee jijjiirtaa

Hoo'uus ni kajeeltaa

Waan fedhakee taataa

Duumessa ni mootaa

Malaan keessaa baataa

.... Geetuu (2013, fuula 12)



Akka bo'owwan walaloo kanaatti yoo ilaallu,battaluma tokkotti lafa yaadan ga'uu utuu hin taanee tokko lamaa jechaa sadarkaadhaan itti adeemuu barsiisa.Jalqaba wanta xiinnoo irraa ka'uun suutaafi tooftaan wanta guddaa bira gahuu akka dandaa'amu agarsiisa jechuudha.Akku aduun suuta duumessa mootu wanta fedhan tokkotti utuu hin jarjarin suuta dhaawwataan bira gahuun ni dandaa'ama yaada jedhu arganna.Kanaafuu 'Suuta warrooman jedha Oromoon' jedhama mitiree?

Karris ta'ee karaan wantoota jireenya jiraannu keessatti nuquunnaman.Karaa hundi kan nama baasu hin ta'u.Karaa fakkaatee karra (cafaa) ta'ee nutti cufamuu mala.Gama biraatiin immoo karra ofii diinatti agarsiisuu dhiisuun cufachuun barbaachisaadhas.Mata-duree Karramoo Karaadha? jedhurra,

Wanta na rakkisee

Yaada natti buusee

Obsa nadhasiisee

Gaaffitti nakaasee

Jaarraan duraa sana

Har'as kunoo kana

Barris bara kana

Ilmi isa kana

...

Malli keenya maali naaf himaa adaraa

Waa'een keenya kuni hubannaan qaaniidha

Turee turee jennaan dhalootaaf gaaffiidha

Kan nu jalaa bade karramoo karaadha.

.....Geetuu (2013 fuula 13-14)

Akka walaloo armaan oliitti karaan baroota duraa turanis ta'e kan barri dhaloota har'aa jijjiirama baay'ee wanta hin qabne fakkaata. Haalli karaa abbaan keessa tureef kan bara ammaa wanta gaggaarii waan hin qabneef rakkisaa ta'ee jiraachuu agarsiisa.Bo'oo 4ffaaf dhalli ammaa kunis haala kaleessa abbaa isaa irra ture keessatti kufee jira ergaa jedhu qaba.Dabalataas akka bo'oowwan walaloo armaan oliitti fala wallaaluun deebi'ee salphina ta'ee jira.Waan kana ta'eef salphina kana keessaa haa baanu yaada jedhu qaba.Akkasumas immoo haalli kun yoo bubbulemmoo gaafii deebii hin arganne ta'ee waan itti fufuuf kan nu miliqe karraafi karaa keenya adda baafnee akka hubannu akeekkachiisa.

Dhaloonni egeree kan hawaasummaa, dinagdee fi siyaasni saba tokkoo; walumaagalatti, haalli jiruufi jiraanyaa dhala namaa akka itti fufu taasisaniidha.Mata-duree *Marga Lafaa Baatu* jedhu ergaan isaa akka itti aanutti xiinxalamee jira.

Kiyyoon hinqabinaa

Yoodhuma laaltani ija hin jabeessinaa

Ilaalaa ijaajjaa irra hin ejjetinaa

Hawwii irraa qabaadhaa itti hin inaaafinaa

....Geetuu (2013, f. 4)

Akka buufata walaloo armaan olii kanaatti dhaloota egeree haala gaariin qabamuufi ilaalamuu akka qaban barsiisa.Dhaloota egeree marga lafaa biqilaa jirutti fakkeessee kaa'e.Kichuu kana ija hamaan akka hin ilaallee; ittis akka hin goomanne; kununsuun egeree ofii dhaalchisuun barbaachisaa ta'uu ergaa dabarsa.

#### **4.4. Xiinxala Ergaa Gama Seenaa**

##### **4.4.1. Seenaa Gootaa**

Gootummaan karaa adda addaa mul'achuu danda'a.Kunis karaa diina injifachuu,hiyyummaa balleessuu fa'iin.Oromiyaan gootota hedduu hortee ,guddistee,hedduus baattee liqimsitee jirti.

Isaanis kanneen akka Taaddasaa Birruu, Abishee Garbaa, Abdiisaa Aaga, Waaqoo Guutuu, Elemoo Qilxuufi kan kana fakkaatu maqaa dhahuun ni danda'ama. Kanaa gaditti walaloo *Kormee ilma dhiiraa* jedhu haa ilaallu.

Kormee ilma dhiiraa yaa Taaddasaa Birruu  
Dhiira haati deesse kan akka kee hin jiruu  
Eebbisaa Addunyaa, ati Waaqoo Guutuu  
Sabboontota Oromoo ani himee hin fixuu  
Lubbuun keessan darbus, seenaan yaadatamtuu  
Goota warra Horroo yaa Abishee Garbaa  
Diinni harkaa hinbaatu eeboo itti suuqee darbaa  
Goota hindagatamne yaa Elemoo Qilxuu  
Bu'uurri isin buustan jira hanga ammaattuu  
Hayilamaariyaam Gammadaa, Alamuu Qixxeessaa  
Hayyuuf goota Oromoo ati Baaroo Tumsaa  
Daraaraa Kafanii goota Amboo keessaa  
Yoomiyyuu isiniin boonnaa gootota kaleessaa  
Leencaa Salaaleedhaa yaa Hagarii Tulluu  
Kaayyoon keessan guddoo....

..... nutis itti haa galluuu. Tarruu (2013, fuula 30)

Ergaan walaloo armaan olii kun gootata kaleessaa, sabboontota Oromoo duraanii kan lubbuu isaanii saba isaaniif jecha dabarsanii kennan dhaloota har'aa akka hubatan barsiisuuf gumaacha guddaa buusa. Kan irraanfatanis yaadachiisuuf hedduu fayyada. Kanaafuu Oromoon gootata

waa'een isaanii himamee hin dhumneefi sammu namaa keessaa yoomillee hin dagatamne qaba. Diinota Oromoo warra jilbeeffachiisaa turani. Akkuma leenci riphee dhokatee diinota isaa adamsu isaan kunis beela'e, dheebodhe utuu hin jedhin, ofkennanii garbummaa jalaa saba isaanii baasuuf kufanii ka'anii carraaqaa turan. Jarri kun gootata har'aa kanaaf kan bu'uura ta'anii jiraniidha. Kana waan ta'ee barreessaan walaloo kanaa dhaloota har'aa kanaaf bu'uura warra buusan gocha isaanii fi kutannoo isaanii dhaloota har'aa hubachisuuf ergaa dhaammata.

Yaadannoon seenaa goototaa kan asdhuftee yookiin kan madda cimina nama tokkoo ittin beekan, wanta har'aa immoo keessatti ilaalaniifi kan fuulduraa ittiin raagan yookiin ittin tilmaamani. Seenaan dhalootaa dhalootatti ce'uu qaba. Kun immoo, karaa afaaniifi barruun ta'a. Seenaan barreeffamaan darbu kan afaaniin darburra fooyya'adha. Sababni isaa kan afaaniin darbu irraanfatamuufi itti dabalammu danda'a. Garuu, seenaan barruun darbu irraanfatamuufi itti daballiin yaadasaa kan afaaiin darburra fooyya'adha. Matadureen *Eebbisi kobbeekoo* jedhu akka armaan gadiitiin xiinxalameera.

.....

Nadhageessaa kobbee wayin sitti odeessaa

Dhalachaattoo jiruu goonni goota keessaa

Kaleessa gaachanaan har'a waa barreessaa

Seenaa qorateetu saba hubachiisaa

.... Geetuu (2013, f. 24 )

Akka walaloo armaan olitti wanti barreessinee dhaloota har'aa dhaalchisuu qabnu keessaa tokko duubatti deebinee mil'achuun seenaa goototaa tuqnee kaasuun isaan goota har'aaf madda ta'an yaadachiisuu qabna. Akksumas gooni kaleessaa gaachanaan lolee diina saba isaatii ija itti jaamsaa ture; har'ammoo akka kaleessaa gaachanaafi eebootiin diina sabaa ofii afaan qabachiisuu qofa utuu hintaane seenaa sabaa barreessuufi meeshaa diina ittiin lollu kalaqaan waa barreessuu akka ta'e hubachiisa jechuudha

#### **4.5. Xiinxala Ergaa Gama Wantoota Adda Addaan Jiran**

Addunyaan irra jiraannuu kun watooota gaggaarii fi wantoota dhala namaa miidhaniin kan guutamteedha. Jireenyi lafa kanarraa tokkoof yoo bari'u tokkoof immoo dukkanni yoo itti wal jijjiiru argina. Kanaaf barreessaan walaloo gadii waa'ee addunyaa wanta itti dhagaa'mee fi keessoo isaa jiru baasee kan barreesseef. Mata duree *Maal Isheen Addunyaan jedhurraa,*

Kan hubateef dammaa

Kan hin beekneef dhamaa

Maal isheen Addunyaan mee natti hima namaa

Maqumtichii kuni eessumaa argamtee?

Maqaa beektootamoo maaliin moggaafamtee?

Maali bu'uurrishaa hoo maalumaaf uumamtee?

Maal fakkaatti ishiin yoo ilaalan irrashii

Yoo itti hubatanii ajaa'iba kanshii

Safuu hundaa qabdii yoo laalan kaayyooshii

Gaariif yaraa irraa mee laala gubbaashii

Mee maaloo natti himaa Addunyaan kun maalii?

... (Geetuu 2013, f:5)

Eгаа Addunyaan kan itti beekke hubateef gaarii kan immoo maalummaa ishee adda hin baafneef immoo akka dukkana wanti tokko keessan hin mu'anne taatee argamti jechuudha. Wanti gaariinis keessaa fi irra ishee guutee kan jiruudha. Akksumas immoo wanti hamaan nama galaafatuus addunyaa kanarraa namatti dhufuu mala kanaaf addunyaan kun bubuuree akka taate ergaa jedhu walaloo olii irraa hubachuun ni dadaa'ama. Eгаа waa'ee addunyaa akka yaadni toora marsariitii <http://wiktionary.org> irraa fudhatamee Dictionary English 1.9.3 tti taa'etti yoo ilaallu, "World the human collective existence; the existence in general; the universe; the earth; a planet, especially one which is inhabited or inhabitable," jedha. Kanarraa wanti hubannu addunyaan kan uummanni addaa addaa irra jiru, dachee yookiin pilaaneetii irra jiraatamu ta'uu agarsiisa.

Yeroon nama hundaaf walqixa akka kennamee jiru jechuunis nu hunda keenyaaf guyyaatti sa'aatii digdamii afur walqixa qoodamee jira. Garuu yeroo tokko tokko ana yerootu na hanqate jenna. Kunis kan agarsiisu yeroo qabnutti sirnaan gargaaramuu dhabuu ibsa. Kaan immoo yeroo isaatti sirnaan gargaaramee wantoota gaggaarii yoo hojjetu, faallaa kanaammoo kan wanta isa hin fayyanneetti yeroo isaa kan fixu baay'eedha.

Mee ergaa walaloo *Hunduu Yeroo Qaba* jedhu armaan gadii haa ilaallu.

Hunduu yeroo qabaa mee hubadhaa ilaalaa

Yaada hedduudhaanis baay'isaa madaalaa

Hubachuumoo dhiisuu kamtu caalaa?...

Hunduu yeroo qabaa akkana hin ta'inaa

Sirriitti hubadhaa lakkii hin gowwominaa

Walis gaggaafadhaa calillee hin jedhinaa

Sirriitti xiixalaa hin dagatinaa.... Geetuu (2013, fuula 3)

Akka yaada ergaa walaloo armaan oliitti wanti hundi addunyaa kanarraatti argamu, ta'uufi raawwatu daangaa yeroo mataasaatii qabaachuu nu hubachiisa. Wanta dubbannu, hojjennu, kan yaadnuufi raawwannu mara yeroo isaatti akka raawwatamuu qabu cimsee nu hubachiisa

jechuudha.Kanaafuu yeroo keenyatti sirnaan gargaaramuun ginglehanii,alanfataniifi xiinxalanii hubachuun yeroo qabnurratti hojjechuun gamnummaadha.

Yeroo tokko tokko namni kaayyoo, hojii, eenymmaafi saba isaa dagatee wanta biraan liqinfamee jiraachuu barbaada.Kunimmoo gaarummaa akka hin qabne barsiisuuf waloon yaada isaa walaloon akka itti aanutti lafa kaa'eera.Mata-duree *Ati Eenyu Kan Raftu?* Jedhurraa,

Hirribni sifudhatee

Ofgatee kan ciistu

Hamma yoomii rafta

Maal hirribaa hin kaatuu?

Maaluma argatte,

Kan ofgatee raftu

Dammaqi hirribaa

Kan guyyaadhaan raftu

Qaamni kee martinuu

Reeffaan kan walgitu

.... Tarruu (2013, fuula 45)

Akka ergaa walaloo armaan oliitti dhuguma hirriba dhugaa keessaa dammaqsuu fedha utuu hin taanee, kan eenyummaafi kaayyoo isaa dagatee kan wanta biraan liqnfamee jiru tokko barsiisuuf ta'a.Akkasumas, namni tokko yeroo tokko tokko garaa ofii guuttachuuf sabaa fi qabeenya sabaa mancaasani,diinatti bittimsanii dhiisan akka wanta du'aatti jiraatan waan jiruuf inni kun sirrii waan hin taaneef dhaloonna har'aa kun eessa akka jiru barsiisuuf gargaara.

Haalli yeroo tokko tokko namatti mul'atu dalga namatti galuun argama.Wanti dhalli namaa keessa darbu hundi qajeelaa miti.Wantootni addaddaa baroota dhufanii darban keessatti bitaa

yookiin dalga namatti galuu danda’u.Mataduree walaloo *Bishaantu Dheebote* jedhu akka armaan gadiitti ergaansaa xiinxalamee jira.

.....

Bishaaantu dheebote maal salphinni akkanaa

Dhagaatu dhommoqe maal barri baranaa

Abiddatu qorre safuu yaa jaranaa

Cabbiitu laboobe baroo baranaa

..... Tarruu (2013, fuula 21)

Ergaa walaloo armaan oliirraa wanti hubannu wanti hin eegamne fuggisoo(faallaa) wanta tokkoo olka’ee akka argame ibsa.Kunis barri namatti dalga galuu yookiin bitaacha’uu agarsiisa.Bishaan uumama isaatiin dheebuu nama baasa malee dheebotee wanta dhugu hin barbaadu.Dhagaanis,abiddis,cabbiinis uumama isaaniitiin waan ittiin beekaman qabu,kanaafuu, haalli mul’ataa jiru amala addaa agarsiisaa jiraachuu ibsa.

Yoroo tokko tokko wantootni namni akka hin dubbanneefi akka hin sochoone nama danqan baay’een jiru.Garuu hamma dhumaatti caljechun gara furmaataatti nama hin geessu.Mata-duree *Dubbadhu Yaa Sammuu* jedhu akka armaan gadiitti xiinxalameera.

Maaltu si argatee?

Maaltu simudatee?

Adaraa maaltaate?

Maaf akkas callistee?.....Geetuu (2013 fuula 20)

Akka bo’oowwan walaloo armaan oliitti jechuun lffaa kaasee hanga bo’oo 4ffaa kan jiran hundinuu waa’ee callisuu sammuu kaasani rakkoosaa gaafatu.Kanaaf caljechuu qofti gara furmaata argachuutti akka hin geessine ergaa jedhu dabarsa.



Daba nama irratti raawwachuun; nama miidhuun gocha badii ti.*Maaliif Akkas Taatu?* Mata-duree jedhu akka itti aanu kanaan xiinxalamee jira.

Maaf garaa jabaattuu?

Maaliif akkas taatuu?

Maaliif daba deemtuu?

Maa biyyaa nubaastuu?

Gaafa barri darbe

Waan jettan wallaaltuu...Geetuu (2013, fuula 30)

Ergaa walaloo armaan olii yoo xiinalamu garaa laafinni, waliif nahuun dhibamee hammeenya baay'achuu agarsiisa. Akkasumas, qajeelinni dhibamuu, biyya dhalootaarraa buqqa'uufi barri hammeenya kun darbee warri waan sirri hin hojjenne akka salphatu ergaa jedhu dabarsa jira jechuudha.

Hojiifi wanta bu'aa qabu tokko jalqabani yoo fiixa bahuu hin dandeenye, akkasumaan yeroofi humna ofii mancaasuu ta'a. Mataduree walaloo '*Hinta'u gaala'uun*' jedhu akka itti aanutti xiinxalamee jira.

Tokko jedhanii lamarra hankaakuun

Otoo lafa hin tuqnee rarraa'anii hafuun

Otoo gaddi hin jirree imimmaan calaluun

Dubbachuuf jedhanii jidduutti dhaabbachuun

Wanta dhuma hin qabne hin ta'u gaala'uun

....Geetuu (2013, f. 23)

Akka walaloo oliitti dhiyaatee jirutti wanta tokko yoo eegalan jechuun hojii, barnoota, kaayyoofi kan biroo murannoofi ejjennoo cimaa hin raafamne qabaachuun fiixa ba'uu akka qaban nama barsiisa. Kana waanta'eef, dalagaas ta'e barumsa jalqabne tokkotti galma gahuun faayidaa akka qabu ergaa jedhu dabarsa.

Akkeessituun hojiin irraa calaqqisu akkuma gaaddidduun namaa wanta abbichi hojjetu faana buutuutti fakkeeffamti. Kana jechuun namni tokkoo tokko wanta namni hojjetu tokko ilaalee akkuma isaa ta'uu yaada malee ofii jalqabee ofii xumuruu tasuma carraaquu hin fedhu. Walaloo mata-dureen isaa '*Komiin Qaba Sirraa*' jedhu ergaan isaa akka armaan gadiitti dhiyaate.

Gadi jechuu yoon yaale nafaana gadi jetta

Sussukkii eegalus nafaana sussukta

Yoon an waahammadhe atis waahammatta

Takka na dursita takka duubatti hafta

Narraa hinfagaattu nawajjin tiratta

....Geetuu (2013, f.21)

Bo'oon walaloo armaan olii kun jechoota adda addaa fayyadamuun waa'ee nama ofiin of ta'ee hin dhaabbanne kan akka gaarraa diimaa yoo arge diimatu; gurraacha yoo arge gurraacha'u; walumaagalatti nama rarraatuufi joortuu qeeqee karaattii deebisuuf ergaa cimaa ta'a.

#### **4.6. ErgaawwanWalaloowwanFilatamaniiHammam Akka Haalaa Hawaasa Calaqqisiise**

Akka qoratichi qorannoo kanaa xiinxallii ergaa walaloowwan *Bishaantudheeboteefi Karramoo karaadha?* geggeessetti, ergaan walaloo kanneenii baay'inaan haala jireenya uummata Oromoo keessa tureefi keessa jiraachaa jiru calaqqisiisa. Kana jechuun uummanni Oromoo kaleessa maal fakkaatu; har'as maal iraa akka jiru kan jedhu walaloo kanneen keessatti dhiyaatee jiraachuu isaa qoratichi xiinxala ragaalee yeroo geggeesse boqannaa afur jalatti agarsiiseera. Kanaafuu, ergaan walaloo qorannichi irratti xiyyeffate kun haala qabatamaa dhugaa hawaasa Oromoo keessa jiru ibsa. Barreessitoonni walaloo kanneenii kalaqa isaaniin ergaa dabarsan hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti hariiroo cimaa kan qabu ta'uu; kan qabu mara waliin eeggatuufi qooddatu

ta'uu bira ga'amee jira.Akkasumas,waloon tooftaa adda addaan qalaqicha keessatti ergaa dabarsuu hubatameera.Ergaawwan walaloowwan '*Bishaantu Dheebote'fi Karramoo Karaadha?*' keessatti argaman kunis haala ilmaan Ormoo har'a keessa jiran,rakkoo dhaloota har'aa,dhiibbaa ilmaan Oromoorra gahaa tureefi gahaa jiran irratti xiyyeeffate.

#### **4.7. Tooftaa Ergaan Walaloowwan Filatamanii Ittiin Dhiyaate**

Tooftaa odeeffannoon ergaa walaloo ittiin darbe yoo ilaallu immoo afoola Oromoo keessa dhokachuun bakka ergaa isaanii ittiin dhiyaate jira.Kana jechuun barreessitoonni walaloo kanneenii irra caalaatti,afoola Oromoo fayyadamaniiti.Kunis malleen dubbiitti, mammaaksa, sheekkootti fayyadamani; akkasumas,seera cabsuu,jechatti fayyadamuun barruu walalichaa kalaquun ergaa dabarfatan.Akkuma boqonnaa lama armaan olii keessatti bal'inaan ibsamee ture afoolli Oromoo faayidaa hedduu barreessitoota walaloo Bishaantu dheeboteefi Karamookaraadha? kennee jira.Kana jechuun yeroo akaakuu afoolaa adda addaatiin qalaqa isaanii qindeessan qoratichi xiinxalee bira ga'eera.Fakkeenyaaf, malleen dubbii adda addaa, sheekkoo, mammaaksa waan kana fakkaatan gargaaramuun dhiyaatee jira.

Odaa nuuf dhageessaa gurra nuuf ergistaa

Nutoo sidagannee dhiifama nuufgootaa

Gaaddisa Oromootaa teessoo maanguddootaa

Iddoo safuufi heeraa bakka seeraaf dhugaa

Osoo sirraa oolluu sirraa fagaannegaa

Lammiin sidagatee har'a dhabe dhugaa

Har'a of yaadannaan gama kankee fiigaa

Odaa sitti dhufnee araara nuuf jedhigaa.

....

Taruu (2013, fuula 44)

Walaloo armaan olii keessatti akka wanta Odaan Oromoo isaan waliin haasa'aa dhaggeeffachaa, deebii kennaafii jirutti fakkaachuun taa'e. Kunis tooftaa dubbii qolaa keessaa ateetti fayyadamuun dhiyaate. Ateen dubbii qolaa keessaa tooftaa ittin wanta nubira hin jirre tokko kan ijaan argaa hin jirre tokkotti waliin dubbii taasisuuf nama gargaara. Yaada kana deeggaru ateen waan nu bira hinjirre tokko namas ta'ee namaan ala kanneen ta'an akka waan nu bira jirani nu dhaggeeffataa jiraniifi deebii nuuf kennuu danda'anitti fudhachuun, gaaffii gaafachuu, marii wajjin taasisuun, haasofsiisuu, gaddisiisuun yookin kofalchiisuurratti hundaa'ee mala dubbii uumamuudha. Zarihuun (2004). Kanarraa hubachuun kan danda'amu, mala dubbi kana kessatti lubbb-qabeeyyiifi lubbu-maleeyyii kamiyyuu kan nutti dhihoo hinjirre tokko akka waan nu bira jiruutti itti dubbachuufi haasofsiisuun malli dubbi mul'atu ate ta'uusaa hubachuun ni danda'ama. uudha. Kanaafis tooftaa kanaan barreessee jira.

Tooftaa waloon fayyadame dubbii qolaa qofa miti. Kan biraan immoo sheekkoo yookiin oduu durii bakka itti fayyadamee ergaa dabarse jira. Kunis akka armaan gadiitti dhiyaate.

Mata-duree *Waraabessa Gamnajedhurraa* yoo ilaallu,

Bara durii jedhan....

Qotiyoonni sadii waliin jiraatanii

Gurraacha, burreefi adiidha halluun bifa isaanii

Walirratti du'u, tokkummaan jiraatu hundi isaanii

Waraabessi turee...

Nyaachuu kan barbaadu hunduma isaanii

Mala maleetu nifiroomna jedheen,

Tole jedhanii sangoonni sadanuu

Dubbiin waaruu dhugaadha yoo akka isaanii

Waan isaaniif qophaa'e quba hinqabanii

..... Tarruu (2013, fuula 69)

Walaloo armaan kunsheekkoo fayyadamuun kalaqa barreessa dabalatee ergaa gabnummaa qabaachuun tooftaa ittiin waan cimaa gargar baasuun ulfaatu tokko ittiin gargar diigan ta'uu agarsiisa. Kanaaf barreessichi gasa afoolaa keessa sheekkootti dhimma bahuun ergaa isaa dabarfatee jira jechuudha. Kan biraan mamaaksa Oromoottis dhimma bahameera. Fakkeenyaaf, Quncean walgargaartee arba hiiti kan jedhu kaasuun ni danda'ama.

## BOQONNAA SHAN: CUUNFAA ,GOOLBAAFI YABOO

### 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun xiinxala ergaa walaloo '*Bishaantu Dheebote*' fi '*Karramoo Karaadha?*' irraatti geggeeffame. Qoranniichi boqonnaa shanitti qodamee jira. Qorannichi ija yaaxina xiinhawaasummaatii kan ilaalame. Kaayyoon qorannichaas ergaa walaloo mata-duree qorannoo kana keessatti jirani xiinxaluu waan ta'eef, kaayyoo kana galmaan ga'uuf immoo mala akkamtaatti dhimma ba'ame. Ibsaa akkamtaa (qualitative descriptive)-tiin xiinxalli ragaalee qorannichaa geggeeffameera. Ergaan walaloowwan filatamanii keessa jiran gama adda addaan xiinxalamaniiru. Kaayyoon walaloowwan kanneenii kun dhaloota har'aaf seenaa, hawaasummaa, amantaa, eenyummaa, duudhaafi achii as dhuftee isaanii hubachiisuuf waan ta'eef bareessitoonni walaloo kanneenii walaloo kana yeroo kalaqan tooftalee akka sheekoo, mammaaksa, malleen dubbii fa'itti gargaaramuun ergaa bal'aa dabarsuu isaanii ibsameera. Kanaafuu barreessitoonni walaloo kanneenii kun ergaa tokko karaa icciitii ta'een dabarsuuf fayyadamaniiru. Walumaagalatti barreessitoonni walaloo kanneenii kun kalaqa isaaniitiin waa'ee haala jiruufi jireenya hawaasa Oromoo kan kaleessaafi har'a hamma tokko kaasuufi tuttuquun dhaloota har'aaf baay'ee ibsuu yaalaniiru. Ergaawwandabarsan gama hawaasa Orormoo, seenaa ,amantii, siyaasaa fa'i.

Tooftaa adda addaatti gargaaramuun walaan walaloo kanneen keessatti ergaa dabarsaniiru. Kunis afoola Oromoo keessaa kanneen akka malleen dubbii, mammaakkaa, sheekkootti gargaaramuun. Akkasumas jechootatti gargaaramuun ergaa haala jiruufi jireenya Oromoo kaleessaafi har'aa ibsuufi tuxxuquu yaaluun darbuu qorataan fakkeenyaan agarsiiseera.

### 5.2. Argannoo (Goolaba)

Qorannichi kaayyoo qabatee ka'e qaba. Kaayyoon isaa ergaa walaloowwan kitaabilee filataman keessatti argaman eenyufaa akka ta'an xiinxaluudha.. Kanaafuu argannoon qorannoo kanaa, barreessitoonni walaloo kanneenii kalaqa isaaniin ergaa dabarsan hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti hariiroo cimaa kan qabu ta'uu; kan qabu mara waliin eeggatuufi qooddatu ta'uu bira ga'amee jira. Akkasumas, walaan tooftaa adda addaan qalaqicha keessatti ergaa dabarsuu hubatameera. Ergaawwan walaloowwan '*Bishaantu Dheebote*' fi '*Karramoo Karaadha?*'

keessatti argaman kunis haala ilmaan Ormoo har'a keessa jiran, rakkoo dhaloota har'aa, dhiibbaa ilmaan Oromoorra gahaa tureefi gahaa jiran irratti xiyyeeffate.

### **5.3. Yaboo**

Sabni tokko seenaafi eenyummaa isaa dhaloota dhufuuf dabarsuufi isa darbe yaadachiisuuf walaloon iddoo guddaa qaba. Kanatti dabalees, walaloon akkuma gosa adda addaa qabu faayidaa garaaraa qaba. Kanumarraa ka'uun, walaloo keessatti ergaawwaan barreessinu sana sammuu dubbistootaa keessatti beekumsa yeroo dheeraa fayyadu ka'uun baay'ee gaariidha. Kanaafuu akka yaada furmaataa qorannichaatti kan jiru armaan gadiitti dhiyaataniiru.

- ❖ Kitaabilee walaloowwan '*Bishaantu Dheebotee*' fi '*Karramoo Karaadha?*' gama ergaan qorannoo irratti adeemsifameera. Gara fuulduraatti kitaabilee walaloowwan kanneen irratti qorannoon biraa gosa walaloo akkamii akka ta'e adda baasuuf utuu irratti qorannoo adeemsisanii gaariidha. Akkasumas gama caasaa walaloo kanneenii adda baasuutiin utuu qorannoon biroon isaan irratti adeemsifamee gaarii ta'a.
- ❖ Barreessitoonni walaloo kanneeni yaadaa yookiin ilaalcha ofii isaanii nama amansiisuuf dhiibbaa utuu geggeessuuf carraaqjii gochuu irraa of qusatani gaarii natti fakkata.
- ❖ Barreessitoonnii, fi qaamni dhimmi kun ilaalu hunduu hojii kalaqaa walaloo kanaaf iddoo olaanaa kennuun utuu guddina Afaan Oromoof gumaacha mataa isaanii xiiqqi cimaan hojjetani baay'ee gaariidha.

## Wabiilee

Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee, Oromiyaa

\_\_\_\_\_. (2014). *Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*. Finfinnee Dhaabbata Maxxansaa Far East Trading PLC.

\_\_\_\_\_ fi Alamirroo Kaasaahun, Taarreqeny Mokonnon, Tashoomaa Egeree .(2005). *Barnoota Afaan Oromoo: Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 12*. Yuugaandaa.Kampaalaa : MK publishers.

Asafa Jalata. (2010). *Oromo Peoplehood: Historical and Cultural Overview*. University Of Tennessee - Knoxville,

Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromo*. Finfinnee: Far-East trading PLC.

\_\_\_\_\_ (2004). *Theorizing The Present Towards A Sociology Of Oromo Literature Jaarsoo Waaqoo poetry*. Finfinnee: Branna printing Enterprise.

Beekan Gulummaa. (2015). *Tuujuba: Saayinsiifi Dandeettiinwan Afaanii*. Finfinnee.

Berhanu Matthews. (2009). *Fundamentals Of Lierature. 2<sup>nd</sup> edition*. Alphaprintes PLC, Addis Ababa. Barnes, And Noble (2020)

Bukenya A., Kabira W. M. fi Okombo O. (Ed.) (1994). *Understanding Oral literature*. Narobi; Narobi University Press.

Cuddon, J.A.A. (1982). *A Dictionary Of Literary Terms*. New York : Published by Penguin Books.

Dastaa Dassaalany. (2002). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Mana maxxansaa Boolee.

Dirriibaa Tafarraa, Dirriibee Qna'aa, Girmaa Maammoo, Latamoo Badhaasoo, Mahaammad Hakiimiifi Yeneenah Tasammaa (2001). *Wiirtuu Jildii 9: Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*. Finfinnee. Dhaabbata Maxxansa Commercial Printing Enterprise.

Dorson, Richard. (1972). *Folklore and folk life: An introduction*. Chicago and London: The University Of Chicago Press.

Dundes A., And Brnners, S.J (2007). *The Meaning Of Folklore: The Analytic Essays Of Alen Dundes*. Utahstate Univarsity Press.

Dorson, M. (1972). (Ed.). *Folklore and Folklife*. Chicago: Chicago University Press. Encyclopedia Of America. (1983). Vol.2. USA: University Chicago.


Fedhesaa Taaddasaa. (2013). *Subii. Bu'uuraalee Og-barruu Oromoo*. Finfinnee.



- Geetachoo Rabbirraa.(2016). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo*.Addis Ababa: max.9ffaa.kuraz International.
- Geetuu Dajanee .(2013).*Karramoo karaadha?* Oromiyaa, Finfinfinnee.
- Glencoe Mc.H. (2007).*Literature:The Readers Choice.Texas edition course 4*. ISBN 0-02-8179374.
- Gray, Ch. H. (1992). *Cyborg Citizen: Politics In The Post Human Age*. London: Routledge.
- Harry.L. (1972).*The Routledge Dictionary Of Literary Terms*. Word pres.com.
- Ibsaa Adduunyaa. (2018). “*Xiinxala Malleendubbii Ogwalaoo Anaany’a Keessatti*”Digirii lammaffaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf kan Dhihaate.( kan hinmaxxfanfanne.)
- Isaaq Bariisoo.(2003). *Sakatta’a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaloo Mootii Qubeefi Kumee Kumaatamaa* .Digirii jalqabaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf kan dhihaate. (kan hin maxxanfanne)
- Irene J. (1999). *Homer Critical Assments*.London And New York. Macmillian Publishing.
- Maqdas Baqqalaa. (2011). *Xiinxala Ergaa Walaloo Anaaan’ yaa*. Yuunivarsiitii Jimmaaf kan dhiyaate (kan hin maxxanfamin)
- Melakneh Mengistu. (1999). *Fundamentals Of Literature*. Addis Ababa: Biranna Printing Prees.
- Misgaanuu Gulummaa. (2013). *Dilbii: Bu’uura Afoola, Ogafaaniifi Walaloo Oromoo*. Finfinnee: Oromiyaa.
- Nugusee Iddeessaa. (2009).*Qaaccessa Sirna Waaqeffannaafi Fayyadama Afaanii Warra Kallachaalee: Godina Shawaa Lixaa Aanaa Daannoo* (kan hinmaxxfanfanne)
- Karnieli,M. (2008).*Data Methodology:Qulitative Methods in Psychology A Research Gaide*.Neuralcomputation.MIT press.
- Lawrence, J. (1972). *Mix Me A Metaphor*. London: Gentry Books.
- Nicole M.L. (2003). *Analysis Of Poetic Literature Using B.F. Skinner’s Theoretical Framework From Verbal Behavior*.Teachers College, Columbia University.
- Meyer, L. (2005).*Compact Bedford Introduction to Literature: Reading, Thinking, Writing 7<sup>th</sup> Edition*. Independent Publishing platform
- Parrine,L.(1978). *Literature: Structure, sound, and sense 3<sup>rd</sup> Edition*.Published by


- Hourt Brace Jovanovich, New York
- Premiger A. (1974). *Princetory Encyclopedia Of Poetry And Poetics*. Princeto up publishers.
- Roger D.Sell. (2000). *Literature As communication: The Foundations Of Mediating Criticism*  
Abo Akademi University.
- Sarif, S.R. (2018). *Theory Of Literature*. Univarsitas Dian Nuswantoro.Semarang
- Sims, C.M. fi Stephens, M. (2005). *Living Folklore: An Introduction To The  
Study Of People And Their Tradition: Longman; Utah StateUniversity Press.*
- Tashoomaa Egeree .(\_\_\_\_).*Qaaccessa Walaloo Zalaalam Ana Anafi  
Ana*. Yuunivarsitii Jimmaa, Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa, Mumme  
Afaan Ingilizii (kan hin maxxanfamne)
- Tarruu Unguree. (2013). *Bishaantu Dheebote*. Gadaa Meelbaa. Oromiyaa Finfinnee.
- Tasfaayee Dubarootii. (2008). *Xiinxala Afoolawwan “Gooticha Oromoo Jeneraal Huseen  
Bunee Daraaraa” Godina Baalee Aanaa Sawweenaa*. Yuunivarsiitii Finfinnee (kan  
hin maxxanfamne)
- Wasanee Bashaa . (2000). *Bantuu Haaraa Caaslugaafi Ogbarruu Afaan Oromoo*.  
Fifinnee.
- William S. (2006). *Introduction to Greek Meter* (pdf) PP. 1-15
- Yaadannoo Gaaromsaa .(2014). *Hora Obaa: Kuusaa Afoollan Oromoo*. Finfinnee:  
Oromiyaa.
- Yalew Zeleke .(2017). *Data Presentation, Analyses And Interpretation*. AAU  
Dhaabbatamaxxansaa Elleni. p.p
- Sylvan Barnet and William E. Cain. (2009). *Ashort Guide To Writing About  
Literature*. New York: Pearson Longman.
- ዘረሁን አስፋዉ። (2004)። የሥነ-ጽሑፍ ምሰረታዊ ያን። አዲስ አበባ።
- <https://penandthepad.com/>
- <https://study.com.https://students.ucsd.edu>.
- <https://www.researchgate.net/puplication>
- <http://wiktionary.org>

## Dabalee A



Fakkii 1. Kitaaba Walaloo Bishaantu Dheebote.

## Dabalee B



## Fakkii 2. Kitaaba Walaloo Karramookaraadha?

### **Dabalee C(Cheekilistii)**

1. Namfakkiileen walaloowwan Bishaantu dheeboteefi Karramoo karaadha? jedhu keesaa jiran sirnoota mootummoota darbanii ni calaqqisiisu?
2. Walaloowwan kitaabilee Bishaantu dheeboteefi Karramoo karaadha? jedhu keessa jiran dhimma hawaasaa waan kaasan qabuu?
3. Dhimmoonni ergaa walaloowwan kitaabilee Bishaantu dheeboteefi Karramoo karaadha? jedhu keessa jiranii fi dhugummaan isaa hawaasa keessatti maal fakkaata?
4. Ergaawwan kitaabilee walaloo Bishaantu dheeboteefi Karramoo karaadha? jedhu keessa jiran waa'ee dhiibbaa siyaasaa waan kaasan qabuu?
5. Walaloowwan kitaabilee walaloo Bishaantu dheeboteefi Karramoo karaadha? jedhu keessa jiran waa'ee aadaa, seenaafi eenyummaa uummata Oromoo kaasuun ni deggerumoo ni mormu?